Ifa Basuu

Baroota Waldaale Torbanii

Boqonnaa Tokko

Mul’aticha Yesuus Kiristoosi

Mul'ata 1:1-20

1. Kun mul'ata Yesuus Kiristoos, isa inni ittiin wanta dafee ta'uun irra jiru hojjetoota isaatti agarsiisuuf waaqayyoo biraa argatee dha;inni ergamaa isaa waaqa irraa ergee kana hojjetaa isaa Yohaannisitti beeksise,

2. Yohaannis wanta waaqayyo dubbate, Yesuus Kiristoos isaaf dhugaa ba'uu isaa, hamma dhaga'ee fi hamma arge dhugaa ba'eera.

3. Barri kun itti raawwatamuu waan dhiyaateef namni isa inni dhugaa ba'e dhageessisee dubbisuu, warri dubbi raajii dubbatame kana dhaga'anii,wanta isa keessatti caafames eegan akkam haa gammadan.

4. Ani Yohaannis waldoota Kiristaanaa torban kutaa biyya Asiyaa keessa jirtaniif kana caafuu kooti. "Ayyaannii, nagaanis,waaqayyo isa jiru,isa turee,isa dhufuuf jiru biraa, hafuurota torban teessoo isa dura jiran biraa;

5. Yesuus Kiristoos biraas isiniif haa ta'u, jedhee nagaa koo isiniif nan dhiyeessa. Yesuus Kiristoos dhugaa baatuu amanamaa dha,inni warra du;an keessaa angafa ta'ee kaafame, mootota lafa kanaas ni abbooma. Inni nu jaallatee,dhiiga isaa isa nuuf dhangala'een cubbuu keenya irraa nu fure.

6. Isa mootummaadhaa fi Waaqayyoo abbaa isaatiif luboota akka taanu nu godhate sanaaf, ulfinnii fi aangoon bara hanga bara baraatti haa ta'u.

7. Kunoo,Inni duumessa wajjiin dhufuuf jira;ijji hundinuu isa ilaaluuf jiru,warri isa waraananis immoo isa arguuf jiru,gosti nama lafa irra jiru hindinuu Isaaf ni wawwaatu. Eeyyee akkasuma ni ta'a.

8. Waaqayyoo gooftichi, inni jiru,inni ture, inni dhufuuf jiru, Inni hundumaa danda'au, Ani Alfaa dha, Omeegaadhas jedha.

9. Ani Yohaannis obboleessi keessan rakkina keessaa, mootummaa keessaa, obsaan Yesuus wajjiin hafuu keessaasisin wajjiin nan hirmaadha. Dubbi waaqayyoo duukaa, wanta Yesuus dhugaa ba'e duukaas, waanan bu'eef, biyya bishaan keessaa ishee Yaaximoo jedhamtu tokkotti nan geeffame.

10. Guyyaa isa, 'guyyaa gooftaa' jedhamee beekkametti, ani hafuuraan guutameen boodee kootiin sagalee guddaa, sagalee malaakataa fakkaatu, tokko dhagahe.

11. Sagalichis waan argaa jirtu akka macaafa ta'utti caafi, Isas waldoota Kiristaanaa mandara Efeesoon, mandara simirnaa, mandara Phergaamoon, mandara Tiyaatraa, mandara Saardes, Mandara Filaadelfiyaa, mandara laa'odiqiyaa, jiran torbaniif ergi jedhe.

12. Ani sagalee dhaga'een isa natti dubbatu ilaaluudhaaf gara gale, yommuun gara galus baattuu ibsaa, warqee irraa hojjatame torba nan arge.

13. Baattuuwwan ibsa sana gidduu immoo, ilma namaa kan fakkaatu tokko uffata gadi dheeraa miila bira ga'u uffatee, wanta akka hidhata warqeetiinis qoma isaa hidhatee ture.

14. Rifeensi mataa isaa akka rifeensa hiddamaa yookiis akka cabbie ni calaqqisa,ijji isaas akka barbada ibiddaati.

15. Miilli isaa akka sibiila diimaa isa boolla ibiddaa keessatti baqfamee ifuuti, sagaleen isaas akka sagalee huursaa bishaan guddaati.

16. Harka isaa mirgaa keessaa urjoota torba qaba, afaan isaa keessaa billaa qara qabeessa gara lamaan qorametu ba'a,fuulli isaas akka biiftuu saafayaa ni ifa.

17. Yommuun isa arge akka nama du'ee miila isaa jalatti nan kufe.Inni immoo harka isaa mirgaa ana irra kaa'e, 'hin sodaatin'!inni duraa inni booddees ama.

18. Ini jiraatus ana,Takkaillee du'een ture, amma garuu kunoo hamma bara baraatti jiraachuuttan jira, du'a irratti, balabala iddoo warra du'ani banuu irrattis ani gooftummaa qaba.

19. Ammas wanta amma ta'uutti jiru, wanta kana booddee ta'uuf jirus,isa argite caafi.

20. Hiikkaan urjoota torban harka koo mirgaakeessatti argite,akkasumas baatuwwan ibsaa warqee irraa hojjataman dhokataa ture, amma garuu urjoonni torban,ergamoota waldoota torbaniiti, baatuwwan ibsaa torbanis waldoota torban sanatti ni hiikkama' jedhe.

Seensa Boqonnaa Tokkoffaa

Mul'ata 1:1-3

“Kun mul'ata Yesuus Kiristoos, isa inni ittiin wanta dafee ta'uun irra jiru hojjetoota isaatti agarsiisuuf waaqayyoo biraa argatee dha;inni ergamaa isaa waaqa irraa ergee kana hojjetaa isaa Yohaannisitti beeksise,

Yohaannis wanta waaqayyo dubbate, Yesuus Kiristoos isaaf dhugaa ba'uu isaa, hamma dhaga'ee fi hamma arge dhugaa ba'eera.

Barri kun itti raawwatamuu waan dhiyaateef namni isa inni dhugaa ba'e dhageessisee dubbisuu, warri dubbi raajii dubbatame kana dhaga'anii,wanta isa keessatti caafames eegan akkam haa gammadan.“

Barreessaan Macaafa kanaa(burqisiisaa utuu hin ta'in) Yohaannis isa qulqullicha ture. Macaaficha kana yommuu barreessuu biyya bishaan keessaa Phaaximoo jedhamtu keessa kan jiraate ta'us, jireenya isaa kan bara dhumaa garuu Efeesoon keessa kan jiraate ta'uu hayyooleen seena walii galu. Kunis seenaa jireenyaa Yohaannis kan dhuunfaa isaa utuu hin ta'in,mul'ata Gooftaa Yesuus Kiristoos kan baroota seenaa waldaalee fuulduraa ture.Caafata sadaffaa keessatti raajiin dubbatamee jira.

Yeroo baay'ee macaafni kun mul'ata Yohaannis jedhamee beekkama, garuu inni sun sirrii miti. Mul'ata Gooftaa Yesuus Kiristoos kan ta'ee fi Kiristaanota baroota hundaaf jecha Yohaannisiif kan kennamee dha. Boqonnaawwan macaafa qulqulluu hundaa keessaa, macaafa kana qofatu Gooftaa Yesuus Kiristoos mataa isaatiin kan barraaye.

Macaafa qulqulluu keessatti kutaa dhumaa ta'ullee, maalummaa wangeelaa jalqabaa hanga dhumaa kan ibsuu dha.

Amma jechi mul'ata jedhu Giriikiffaan “apocalypse” jechuu yommuu ta'uu hiikkaan isaas “ibsuu” jechuu dha. Yaadni ibsuu kun nama dandeetti boca bocuu qabu tokko dandeetti boca siidaa isaa namoota arganiif haluma agarsiisuun fakkeenya mul'atee dha. Wanta tokko is fa baasuu dha, wanta kanaan dura dhokatee turee ibsuu dha. Amma, ibsuun kun eenyummaa Gooftaa Yesuus Kiristoos qofa utuu hin ta'in,MUL'ATA HOJII ISAA BAROOTA WALDAALEE TORBAAN FUULDURAA KEESSATTI JIRAATANIIS KAN IBSUU DHA.

Barbaachisummaan kennaa hafuuraa qulqulluu isaan warra amantoota dhugaa ta'aniif haala adda ta'een kan ilaalamuu miti. Mul'atni isiniif wanta beektan kamiiyyuu caalaa dha. Amma ani waay'ee macaafa mul'ataa kanaa fi waay'ee keessan dubbachaa hin jiru. walumaa galatti waa'ee mul'ataati kan dubbachaa jiru. Waldaadhaaf haala olaanaadhaan barbaachisaa dha. Maatiyoos 16 keessatti bakka Yesuus bartoota isaa gaafii itti aanuu kana gaafate yaadattuu,

“Namoonni ilma namaatiin eenyu jedhuu?

Isaanis deebisanii, Warrri gariin Yohaannis cuuphaa dha, warri kuun Eliyaas, kan hafanis Inni Ermiyaas yookaanis raajota keessaa tokko jedhu.

Yesuusis deebisee, Isinoo eenyuu naan jettuu jedhee gaafate.

Simo'oon Pheexiroos deebisee, 'ati Masihicha ilma waaqayyoo jiraataati' jedheen.

Kana irratti Yesuusis deebisee, 'Yaa Simoon ilma Yoonaa, ati kan ayyaanomtee dha! kana abbaa koo isa waaqa keessa jirutu sitti mul'ise malee, yaadni nama foonii sitti hin mul'ifne.

Anis sittan hima akkuma Pheexiroos jechuun dhagaa jechuu ta'e, Ati dhagaa dha;Anis dhagaa hin sochoone kana irratti waldaa koo nan ijaara,gooftummaan du'aas mootummaa waldichaa irratti humna hin godhatu, hin moo'us. Banaa mootummaa waaqaa siifan kenna, waanumti ati lafa irratti hiite, waaqa irratti hidhamaa ni ta'a, waanumti ati lafa irratti hiikte, waaqa irrattis hiikamaa ni ta'a.“

Waldaan Kaatolika Roomaa waldicha kan ijaarame Pheexiroos irratti jedhu. Garuu inni kun dhugumatti fooniin kan yaadamee dha.Nama hin tasgabboofnee fi Gooftaa Yesuusiin ofitti hin fudhanne irratti waaqayyoo erga Waldaa Isaa ijaareen booda akkamitti abaaruu danda'aa? Waaqayyoo gonkumaa iyyuu nama cubbuu keessatti dhalate irratti waldaa isaa hin ijaaru.Yookaan immoo waaqayyoo bakka sanatti gosa dhagaa bakka sana jiru qulqulluu taasiseetiis miti.Waldichi kan ijaarames Yesuus irratti jedhanii warri Pirootestaantotaa akka dubbatanis miti.Dhimmichi MUL'ATA ture. Haaluma barreeffameen dubbisaa:Kana yaadni nama foonii sitti hin MUL'IFNE,GARUU ABBAA KOO ISA WAAQA KEESSA JIRUTU SITTI MUL'ISE MALEE,ANIS DHAGAA(MUL'ATA) HIN SOCHOONE KANA IRRATTI WALDAA KOO NAN IJAARA: “Waldichi mul'ata irratti ijaarame, jedha Gooftaan”.

Abeel wareega sirrii ta'e waaqayyoof dhiyeessuudhaaf akka danda'u haala kamiin beekuu danda'ee? Amantaadhaan mul'ata dhiigaa argachuu danda'e. Qaa'eel garuu (hammamii iyyuu ajaja waaqa irraa argatus)mul'ata akkasii argachuu waan hin arganneef wareega sirrii dhiyeesuu hin dandeenye.Garaagarummaa akkasii kan uumee fi Abeeliif jireenya bara baraa kan kennisiise Mul'ata ture.Amma isinis wanta Paastarri jedhu yookaan immoo wanta Saminaariin barsiisuu dhagahuu ni dandeessu,beekkumsa namaatinis barachuu dandeessu,Yesuus Gooftaa akka ta'e fi kan si qulqulleessu dhiiga isaa akka ta'e waaqayyo hanga isinitti mul'isutti,jireenya bara baraa gonkumaa argachuu hin dandeessan. Mul'ata hafuuratu kana raawwachuu danda'a.

Amma, macaafni mul'ataa kun Mul'ata Yesuus akka ta'ee fi baroota torban sana keessatti Waldaaleedhaaf maal raawwachaa akka ture isitti himee jira.Mul'ataan alatti bartoonni iyyuu mataan isaanii dhugaalee galmaa'anii taa'an hubachuu hin dandeenye ture. Yeroo sanaan duras isaaniif hin ibsamne ture.Macaafa hojii ergamoota keessatti isaan gara Yesuu dhufanii gaafii, “Mootummaa Israa'el bara kanatti deebisuuf jirtaa?” jedhanii yeroo gaafatan,Innis, “yeroo yookaan immoo sababa beekuun isinif hin eeyyamamne,” jedhee deebiseef yaadattuu? Yaadni namoota sanaa Yesuus mootummaa biyyaa lafaa akka qabu yaadaa turan. Garuu mootummaan Inni ijaaruuf ture mootummaa hafuuraa ture. Abbaan waan isaaf hin mul'ifneef mootummicha sana keessatti iddoo isaa inni isaaniif hin ibsine ture. Garuu amma erga Inni du'ee, du'aa ka'ee booda, tajaajila jaarsummaa Isaa kanaatti, mul'ata ofii isaa, waldaa keessatti ulfinni fi jireenya isaa Yohaannisiif ibsee jira.

Mul'ata kana keessatti bu'aa dhuma seexanaa nutti himee jira. Seexana wajjiin walitti dhufeenya akkamii akka qabaatuu fi dhuma irrattis garba ibiddaa keessatti akka gatu nutti himee jira. Warra abaaramtoota seexana hordofanis saaxilee jira, seexanni immoo kana ni jibba.

Macaafa qulqulluu keessaa Seexxanni hammam macaafota lamaan isaan kaawwan caala akka jibbu hubattanii jirtuu? Sababa namoota Tiwoolojii baratanii fi qorattoota saayinsii sobaatiin yeroo hundaa Seexxanni macaafota Seera uumamaati fi Mul'ata Yohaannisii akkuma miidheen jira. Mcaafota isaan lamaan kana keessatti, ka'uumsa seexanaa fi karaa sobaa isaa fi barbadaa'insa isaa hiunda ni hubanna. Sababa kanaaf Innis isaan duuka kan bu'u. Ifa ba'uu gonkumaa hin fedhu, macaafonni kunnin lamaan immoo guutumatti maalummaa isaa kan saaxilanii dha. Waay'ee seexanaa Yesuus akkana jedhe, “Ana keessaa inni qooda hin qabu, anis isa keessaa gahee hin qabu.” seexxanni immoo isa kana faallaa isaatiin mirkaneessuu ni barbaada, garuu waan isaa hin milkoofneef yeroo hundaa sagalee waaqayyoo barbadeessuuf wanta danda'e hunda'u hunda ni raawwata.Garuu waldaan yommuu seexanatti hin amannnee fi hafuuraan mul'ata sagalee waaqayyoo argatte, balballi abaarsaatu ishee dursuu hin danda'u.

Dhiifama wajjiin mee amma tajaajila dhuunfaa koo keessaa jecha tokko isinitti haa himu. Jireenya koo keessatti kennaan waaqa kun olaanaa akka ta'e hundi keessan ni beektu. Inni gargaarsa hafuura Qulqulluudhaan dandeetti dhibee adda baasu, yaada onnee dhokataa isa namootaa beekuu fi wantoota dhokatan biroo kan waaqayyo qofti beekuu male naaf kennee jira. Yeroo Seexxanni saaxilamuu isaa beekuttii na wajjiin dhaabbatanii fuula namoota utuu argitanii baay'iseen hawwa.Amma waay'ee namoota

dubbachuu koo utuu hin ta'in, cubbuun, dhibeenii fi garaagarummaan jireenya namootaa isa seexanaan qabamee dha. Garuu immoo fuula isaanii arguu qabdu.Jireenya namoota keessatti jijjiramni guddaan dhufuu isaatiif seexanni saaxilamaa akka jiru seexanni ni beeka. Seexanni ni sodaata. Hafuurri waaqayyoo saboota isaatiif hojii seexanaa beeksisuuf waan jiruuf ni sodaata.wal gahii waaqeffannaa kana baay'isee kan jibbuuf sababa kanaaf.Yommuu maqaan waamamaa, dhibeewwan saaxilaman, seexxanni ni jibba. Kun maalii dha? sammuu namaa dubbisuu, yookaan immoo mortummaa miti. Mul'ata hafuura qulqulluun argamuu dha. Karaa kana qofaan kan beekuu danda'u. sammuun foonii namaa waan fedhe jedhee waamuu ni danda'a, garuu hafuura qulqulluu dha.

Macaafa mul'ata Gooftaa Yesuus Kiristoos isa waldaa keessaa,seexxanni maaliif akka jibbu sababa biraa isinitti haa agarsiisuu.Yesuus Kiristoos kaleessa, har'aa fi borus sanuma akka ta'ee fi akka hin jijjiramne Seexxanni ni beeka. Warra barnoota amantaa baratan parsantii sagaltamaa ol ni beeka.Waaqayyoo uumama Isaatiin kan jijjiramne akka ta'ee fi adeemsa Isaatiinis sanuma akka ta'e Seexanni ni beeka.Knaafuu Seexanni dhugaadhumatti Waldaan Ishee duraa guyyaa shantamaffaa humna waaqayyoon (Maarqoos 16 raawwin turte) sun kan Yesuus Kan kooti jedhu akka ta'e Seexanni ni beeka. Kn biroo hundi soba. Ta'uu qabaatas.

Amma mee Isa kana yaadadhaa. Kiristoos Inni waldaa dhugaa keessa jiru, itti fufiinsa macaafa hojii ergamootaati. Garuu immoo macaafni mul'ataa kan agarsiisu, hafuurrii hamaan gara waldaatti seene, lab gochuudhaan, humnaa fi haala dhabsiisuun xireessuu isaa kan agarsiisuu dha.Inni kun seexana kan saaxiluu fi hojii isaa(saboota waaqayyoo barbadeessuuf yaaluu fi sagalee waaqayyoo gatii dhabsiisuuf yaaluu isaa) yeroo inni gara ibidda galaanaatti gatametti kan saaxilee dha. Kana inni immoo ni morma. Dandamachuu garuu hin danda'u. WALDAA ishee DHUGAA ta'uu isheetii fi maalummaa ishee irratti, maal bakka akka buutuu fi HOJIIWWAN GURGUDDOO raawwachuu ishee irratti namoonni MUL'ATA DHUGAA yommuu argatan, waldaan kun raayyaa waraanaa hin moo'atamne ta'uu akka dandeessu Seexanni ni beeka. Isaan barsiisa waldaa Kiristaanaa irratti hundaa'ani waay'ee hafuurota lamaanii mul'ata isa dhugaa utuu argatanii fi gargaarsa hafuura waaqayyootiin hafuura hamaa adda baafachuu fi dandamachuu utuu danda'anii, waldaa kana fuulduratti seexanni humna dhabeessa ta'a ture. Akkuma gammoojji keessatti Kiristoos irraa humna fudhachuuf yaaliin isaa fashalaa'etti, bara kanas haaluma sanaan humni isaa dhugumatti ni barbadaa'a ture. Eeyyee, Seexanni mul'ata ni jibba. Garuu nuti ni jaalanna. Mul'ata isa dhugaa jireenya keenya keessatti qabaannaan, balbalti abaarsaa gonkumaa nu hin moo'u, nuti immoo garuu ni moo'anna.

Macaafni nuti amma qo'achaa jirru kun mul'ata Yesuus kan mataa Isaa isa waldaa ammaa keessaati raawwachaa jiruu fi waldaalee fuulduraa keessatti hojji Inni raawwatu ta'uu isaa tajaajila koo yommuu jalqabuu tarreessuu kiyya hundi keessan ni yaadattu. Itti aansee mul'ata dhugaa argachuuf immoo hafuurri qulqulluun barbaachisuu isaa, kana yoo hin ta'in immoo argachuu akka hin dandeenye tarreessee jira. Yaadolii lamaan kana walittii qindeessuudhaa fi macaafa kana dhugoomsuuf yaaluun qo'annaan qofti gahaa akka hin taanee ni hubattu.Isa kana dhugoomsuuf dalagaan hafuura qulqulluu baay'ee barbaachisaa dha.Kana jechuun immoo Macaafni kun namoota hundaaf kan namoota hundaaf kan mul'atu utuu hin ta'in garee namoota addaatiif qofa ibsamuu danda'a.Nama kennaa fi ilaalcha raajummaa qabu barbaada. Dandeettii waaqayyoo irraa dhageeffachuu barbaada. Caafatoota gara garaa walbira qabanii barattootaan madaaluun madaaluun kan jibbamu ta'uu dhabaatus, garuu ajaja olaanaa waaqa irra fudhachuun barbaachisaa dha. Icciitiin barsiisa hafuura barbaada kanaan alatti garuu gonkumaa hin qulqullaa'u.Waaqayyoo irraa dhageeffachuu danda'uu fi mataa keenya hafuura qulqulluuf dabarsinee kennuun ni barbaachisa.

Akkuma dursa dubbadhetti,macaafni kun(Mul'anni)guutummaa caafatoota hundaati. Haala taa'umsaatiinis bakka sirrii fi barbaachisaa ta'etti, dhuma irratti kaa'ame.Amma namni dhgahee fi dubbisee kamiiyyuu eebbifamaa ni ta'a sababa jedhuuf ni beektu. Mul'ata waaqayoo qofatu seexana irratti aangoo kan isiniif kennuu danda'u. Isaan irraa hir'isan yookaan dabalan hundi abaaramtoota ta'uu isaanii arguu ni dandeessu.Akkuma jiruun ta'uu qabaata,namni kamuu mul'ata waaqayyoo irraa hir'isee yookaan itti dabalee seexanii kan moo'ate waan hin jireef. Hamma kana salphaa dha. Humni humna mul'ata sagalee waaqayyoo caalu konkumaa hin jiru.Ilaalaa, caafata sadaffaa keessatti, warra macaafa kanaaf ilaalcha addaa qaban irratti eebbi bu'ee jira. Akka yaada kootitti, inni

kun bara kakuu moofaa keessatti aadaa lallabdoonni ganama ganama sagalee waaqayyoo waaqeffattootaaf dubbisanii dha. Ilaaltanii baay'een isaanii hin dubbisan, qeesichatu isaaniif dubbisuu qabaata. Sagalee waaqayyo hanga ta'etti, eebbi waaqayyoo wajjiin jira ture. Dubbifamus dhageeffatamus, rakkoo hin fidu ture.

“Barri itti raawwatamu dhiyaate jira.” Kanaan dura barri hin dhiyaanne ture. Qaroominaa fi beekkumsa waaqayyoo keessatti, mul'anni olaanaan kun(guutumatti waaqayyoon kan beekamu ta'us) hanga yeroo sanatti hin raawwatamne ture. Kanaafuu nuti hatattamaan sirna tokko baruu qabaanna, baroota tokko tokkoo keessatti, mulanni waaqayyoo bara isa murtaa'e sanaa fi bara sanaaf qofa kan dhufu ta'a. Seenaa warra Israa'elootaa ilaalaa. Mul'anni waaqayyoo kan muuseedhaaf mul'ate seenaa murtaa'e keessatti qofa dhufe, caalatti immoo namoonni gara waaqayyootti boo'uu isaanitiif dhufe.Yesuus, mataan Isaa, guutummaa waaqayyoo Isa tokkoo ta'uudhaan, raawwatamuu baraa keessatti dhufe.Bara kana(Laawudoqiyaa) keessattis mul'anni waaqayyoo yeroo isaa eege ni raawwatama.Hin makamus, utuu hin ga'inis hin raawwatamu.Isa kana irratti xiinxalaa, bara dhumaa keessa waan jirruufis gorsa koo fudhadhaa.

Dhaamsicha Nageenyaa

Mul'ata Yohaannis 1:4-6.

“Ani Yohaannis waldoota Kiristaanaa torban kutaa biyya Asiyaa keessa jirtaniif kana caafuu kooti. ”Ayyaannii, nagaanis,waaqayyo isa jiru,isa turee,isa dhufuuf jiru biraa, hafuurota torban teessoo isa dura jiran biraa;

Yesuus Kiristoos biraas isiniif haa ta'u, jedhee nagaa koo isiniif nan dhiyeessa.Yesuus Kiristoos dhugaa baatuu amanamaa dha,inni warra du;an keessaa angafa ta'ee kaafame, mootota lafa kanaas ni abbooma. Inni nu jaallatee,dhiiga isaa isa nuuf dhangala'een cubbuu keenya irraa nu fure.

Isa mootummaadhaa fi Waaqayyoo abbaa isaatiif luboota akka taanu nu godhate sanaaf, ulfinnii fi aangoon bara hanga bara baraatti haa ta'u, Ameen.“

Jechi Asiyaa jedhu biyya Asiyaa xiqqittii jechuudha.Isheenis kutaa biyyaa xiqqoo kan taatee fi baldhinni ishees hanguma Indiyaanaati.Waldaaleen achis keessa turanis waldaalee biroo keessaa sababa amala isaaniitiin kan filatamanii fi ammalli isaanii tokko tokko immoo waggoota dhibbaan booda walduraa duubaan kan mul'atanii dha.

Hafuuronni torban kan teessoo Isaa duraa, hafuura ergamoota torban keessa kan turee fi baroota isaan itti jiraatan gara garaa keessatti tajaajila kan kenneefi dha.

'Waaqayyo Isa jiruu', 'Isa ture', fi 'Isa dhufuuf jiru',fi 'Dhugaa baatuu amanamaa', akkasumas, 'Inni warra du'an keessaa angafa ta'ee kaafame','Mootota lafaas kan abboome', 'Inni jalqabaa fi dhumaa', 'ulfinnii fi aangoon Isaa baraa hanga baraatti kan ta'u', ibsaawwan kunniin hundi WAAQAYYOO Inni TOKKICHI,Inni Gooftichi Yesuus Kiristoos,Inni nu jaalate cubbuu keenya dhiiga dhuunfaa Isaatiin nurraa haqee,itti moggaafamuu fi ittiin waamamuu dha.

Hafuurrii Waaqayyoo inni Yohaannis keessa ture, waaqummaa olaanaa Yesuus Kiristoosii fi mul'ata tokkummaa waaqayyoo gadi fageenyaan ibsuuf ture.Yeroo ammaa garuu dogoggora guddaatu jira. Sababa kanaan bakka waaqa tokko ta'uu malutti sadi taasifamee jira.Mul'anniYohaannis kun akkuma Yesuus mataa Isaatiin keennameefitti, dogoggora sana sirreessee jira. Waaqota sadi kan jiran utuu hin ta'in, waaqummaan Inni Tokkichi haala sadihiin kan ibsamee dha.Waaqa TOKKO karaa Sadin,Abbaa,Ilmaa fi Hafuura Qulqulluudhaan moggaafametu jira. Waldaan isheen durii mul'ata olaanaa kana kan qabaatte yommuu ta'u, innummaan kunis bara dhumaa kana keessatti foormullaa bishaaniin cuuphamuu isa sirrii wajjiin dirqamatti deebi'uu qaba.

Warroonni barnoota amantaa baratan bara kanaa wanta Gaazexaa Kiristaanaa guddaa keessatti barraayee kana irratti ana wajjiin walii hin galan. “Barsiifni sun (waaqummaa sadeen) irraa sun dhimma ijoo bara kakuu moofaati. Hanga danda'meens bara kakuu haarawa keessattis dhimma Ijoo dha. Kakuu haarofti hanga danda'een kakuu moofaa wajjiin kan faalla'u yaada waaqota tokkoo ol jedhu irratti dha.Garuu kakuu haarofti qulqulluummaa wal qixaa wajjiin Abbaan waaqa ta'uu isaa, Ilmis waaqa ta'uu isaa, hafuurri qulqulluunnis waaqa ta'uu isaati fi Isaan sadeen kun amala sadeen nama Tokkoo UTU HIN TA'IN,namoonni sadii dhugaadhaan inni tokko kaan wajjiin walitti

dhufeenya qabaachuu isaanii kan barsiisuu dha.Namoota Sadi garuu Waaqa Tokko barsiisa jedhu guddaa achii qabna.”

Akkasumas isaan, “Waaqayyoo, haala macaafa qulqulluutiin, Nama tokko qofa utuu hin ta'in waaqa Tokko keessatti namoonni sadi ni jiru. Inni kun icciitii guddaa waaqota sadeenii ti,” jedhanii kaa'u.

Dhugaa dha. Waaqa tokko keessatti akkamitti namoonni sadi jiraachuu danda'uu? Macaafni qulqulluun akkas jechuu dhabuu isaa qofa utuu hin ta'in, beekkumsa namaatiinis mirkanaa'uu dhabuu isaati.Namoonni gara gara ta'an sadi, garuu immoo qaama tokko kan qabantu waaqota sadi kan uumanii dha,yookaan immoo Afaan guutumaan guututti hiikkaa isaa dhabee jira.

Jechoota kana irra deebi'aa dhageeffadhaa mee, “Ani Alfaa fi Omeegaa dha, Isa jalqabaa fi dhumaati jedha Gooftaan.Isa jiru,Isa turee fi dhufuuf jiru,Inni Ulfaataan.” Kun waaqummaa dha.Kun salphumatti nama, raajii ta'ee miti.Inni kun waaqa.Kun mul'ata waaqota sadihii utuu hin ta'in,Waaqayyoo TOKKICHA Isa ulfaataati.

Warri waldaa jalqabaa keessa turan, waaqota saditti hin amanan ture. Abboota durii keessatti amantaa akkasii argachuu hin dandeessan.Barri abboota erga darbeen booda ture Tiwooriin akkasii dhufee,Walga'ii Niqiin irratti dhimma ijoo sirna barsiisichaa kan ta'e.Sirni barsiisa waaqa Tokkoo walga'ii Niqiin irratti bakka lamatti qoodame. Qoodamuu sana irraa kan ka'es gareen lama uumame.Gareen tokko,waaqota saditti amanuun gara Poolitizimitti yommuu deemu, kan hafan immoo gara waaqummaa Tokkootti deeman.Garuu yaadni kun yeroo itti aanu muraasa qofaaf ta'us, itti fufee hanga ammaa ni jira. Garuu mul'anni karaa Yohaannisin waldaaleedhaaf hafuuraan mul'atee, “Ani Gooftaa Yesuus Kiristoos dha, Ani immoo hunda Isaati.Waaqni biraa hin jiru,” kan jedhu ture. Chaaphaa Isaas mul'ata kana irra kaa'e.

Isa kana xiinxalaa: Abbaan Yesuus eenyu turee? Maatiyoos 1:18 keessatti, “Hafuura qulqulluun ulfooftee argamte,” jedha.Garuu Yesuus mataan Isaa waaqayyoo Abbaa Isaa akka ta'e himee jira. Waaqayyo Abbaanii fi Hafuura Qulqulluu Abbaan, akkuma yeroo hunda jechoota kana ibsinutti, Abbaa fi Hafuura Qulqulluu TOKKO taasisu. Sirriidhumatti TOKKO, kana ta'uu baannan Yesuus Abboota lama qaba jechuu dha. Garuu Inni fi Abbaan LAMA UTUU HIN TA'IN Tokko akka turan yesuus himuu isaa yaadadhaa.Inni sun waaqa TOKKO taasisa.

Inni kun seenaa fi caafataanis dhugaa ta'uu isaatiin, sadeen isaanii eessaa akka dhufan namootaaf dinqisiisaa dha.Walga'ii Niqiin bara 325 D.B taasifame keessatti inni kun hundee sirna barsiisa amantaa ta'e. Barsiifni waaqota sadii(gonkumaa caafataan kan hin deeggaramne) kun waaqolii hedduu Roomaanotaa irratti kan hundaa'e ture. Warri Roomaanotaa waaqolii sagadaniif heddu qabu ture. Bakka isaanii bu'anii akka kadhataniifis warra du'aniif sagadu.Inni kunis waaqayyoolii duriif maqaa haarawaa kennisiisuuf tarkaanfi tokko kan turee fi kana irraa kan ka'e, qulqullaa'ota macaafa qulqulluu irratti hundaa'an akka qabaannu fakkeessuudhaaf ture. Kanaafuu, nuti bakka, Juuppitarii fi Veenasitti, Phaawuloosiin, Pheexiroosiin, Faaximaa, kiristoofarii fi kkk ni qabna. Amantaan waaqolii isaanii Waaqayyo Isa tokko wajjiin hojjachuu waan hin dandeenyeef, Isa bakka sadihitti qoqqoodan, abaabayyoota warra qulqulluu taasisan akkuma isaanis, abaabayyuu abaabilee isaani taasisanitti.

Yeroo sana irraayyuu eegalee namoonni waaqni tokko kan haala sadihhiin of ibse jiraachuu isaa dhadhabanii jiru.Akkaata macaafa Qulqulluutiinis waaqni tokko akka ta'e utuu beekanii,garuu isaan waaqni tuuta firiiwwanni akka ta'ee fi namoota sadi qulqullummaa wal fakkaatu qabaatanii hundi isaanii qixxeetti kan qoodaman Tiwoorii fakkeessuu uumuuf yaalaa jiru. Garuu mul'ata keessatti ifumatti Yesuus, “Isa jiru”, “Isa ture”, fi “Isa dhufuuf jiru”,akka ta'e ni hima. Inni “Alfaa fi Omeegaa”, dha, jechuunis, Inni A-Z yookaan immoo Inni hunduma. Inni ulfaataan, waanuma hunda. Inni lallisaa Shaaroniiti, Abaaboo lallisaa kan ta'e, Ifaa fi addeessa ganamaa kan ta'e,Inni dame qulqullaawwaa ta'e, Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu kan ta'ee, Inni waaqa, ulfaataa dha. WAAQA TOKKO.

1Ximootewoos 3:16 keessatti, “Nama waaqayyoo ta'uu keessa iyyuu dhoksaan guddaan akka jiru amanamaa dha;kanaafis,Inni foon uffatee mul'atee jira,Hafuurichi dhugaa galcheeraaf,ergamoota waaqayyootti argameera, saba biyya lafaa keessatti lallabameera,guutummaa biyya lafaa keessatti itti amanameera,ulfinaan ol fudhatameera jedhamee himameera.”Inni kun wanta macaafni qulqulluun jedhuu dha.

Waay'ee namtichaa isa duraa, isa lammataa fi isa sadaffaa wanti dubbatu hin jiru. Waaqayyoo foon uffatee mul'ate jedha. WAAQA TOKKO. WAAQNI TOKKO ture sun fooniin mul'ate.Inni kun hunda ni fura. Waaqayyoo uumama namaatiin dhufe.Inni kun immoo waaqa BIRAA ISA HINTAASISU.INNI WAAQA TURE,WAAQA TOKKICHUMASANAS. Yeroosanasmul'atature,ammas mul'atuma.WAAQA TOKKO.

Mul'ata Inni ofii isaatiif kenne irratti hundoofnee duubatti gara macaafa qulqulluutti deebinee jalqaba Inni maal akka ture mee haa ilaallu. Inni Jahoovaan guddicha utubaa ibiddaatiin warra Israa'elotaaf of mul'ise dha.Ergamaa waadichaa ta'uun utubaa ibiddaa sana keessa jiraachuun Israa'eloota guyyaa guyyaan bulchaa ture. Bakka waaqeffannaatti duumeessa guddaa wajjiin dhufuuf ta'uu Isaa beeksise.Sana booda gaafa tokko qaama qulqulluu Isaaf qophaa'e keessaan dhalachuun of mul'ise.Waaqichi Inni dukkaana Israa'eloota gubbaa jiraachaa ture sun,amma immoo dukkaana foonii uffachuun namoota gidduutti argame. Garuu Inni WAAQUMA isa jiru ture.

WAAQNI KIRISTOOS KEESSA jiraachuu isaa macaafni qulqulluun ni barsiisa. Qaamni Yesuus ture.QAAMA Isaa keessatti guutummaan waaqayyoo ni jira ture.Kana caala wanti ifa ta'uu danda'u hin jiru. Eeyyen, icciitii dha.Garuu immoo dhugaa jiruu dha, ifaan ifatti taa'uu hin danda'u. Kanaafuu yeroo sanatti namoota sadi yoo hin turre, ammas namoota sadi ta'uu hin danda'u. WAAQA TOKKO: Waaqni Inni dura ture sun foon ta'e.

Yesuus, “Waaqayyoo irraa dhufe, deebi'ees gara waaqaa ni deema,” jedhe. Yohaannis 16:27-28titti.Sirriidhumatti wanti raawwate sanuma. Karaa du'a,awwaala,du'aa ka'uu fi ol deemuu Isaatiin biyya lafaa irraa bade.Sana booda immoo Phaawulos karaa gara Damaasqoos irratti Isa argee, Innis Phaawulos dubbisee, “Saa'ol, saa'ol maaliif na ariitaa?”, jedheen. Phaawulosis deebisee, “Ati eenyu yaa Gooftaa?” Inni, “Ani Yesuus,” jedheen. Inni utubaa ibddaa, kan ija jaamsu ture. Akkuma deebi'ee nan dhufa jedhetti, deebi'ee dhufe. Garuma foon namaa uffachuu Isaatiin dura turetti deebi'e. Kun immoo sirrumatti wanta Yohaannis argee dha. Yohaannis 1:18,

“Homtinuu takkaa waaqayyoon hin argine,ilma tokkicha abbaan hammatee ture sanatu,waay'ee isaa hiikee beeksise malee.”

Hubadhaa Yohaannis Bakka teessoo Yesuus Hime.Harka Abbaa Isaa KEESSA ture.

Luqaas 2:11,

“Har'a mandara Daawitiitti fayyisaan isiniif dhalatee jira, Innis Kiristoos Gooftichaa dha.”

Inni Kiristoos ta'ee dhalatee guyyaa sadeettiin booda Yommuu kittaanamutti akkumaergamaandursaisaanittihimetti,maqaanYesuusjedhumoggaafameef.Anis Biraanhaam ta'ee dhaladhe. yommuu dhaladhutti garuu maqaa Williami natti kennan. Innis maqaan isaa kiristoos yommuu ta'uu garuu asitti immoo namootaan maqaan moggaafameef. Bakki bulti Isaa kan namootatti mul'achuu danda'e Yesuus jedhama ture. Inni Gooftaa Ulfinaa, fooniin kan mul'ate ture. Inni waaqa, Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu dha. Inni kana hundumaa dha.

Abbaa, Ilmaa fi Hafuurri Qulqulluun kan Inni ittiin waamamuu dha. Isaan kun maqaa miti.Maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiin kan cuuphinus,inni kun sababa maqaa isaa ta'eef.Akkuma isin daa'ima ilama ta'ee dhalatetti maqaa baaftanitti,inni kunis maqaa moggaafamoota sanneeniti.Daa'imni eenyummaa isaati, ilmi immoo moggaasa isaati, booda immoo maqaa itti baaftu,Yohaannis Heenarii Biraawon jechuudhaan.Maqaa 'Yesuus'qofaanis cuuphuu hin qabdan.Addunyaa keessatti namoonni Maqaa Yesuusin waamaman kumaataman lakkaa'aman, fayyisaan keenya dhalachuu isaatiin dura iyyuu ni jiru ture. Garuu isaan hunda keessaa Kiristoos, “Gooftaa Yesuus Kiristoos” ta'ee kan dhalate tokko qofa ture.

Yesuus ilmaa waaqayyoo jireenya bara baraa qabu godhanii namoonni ni dubbatu. Amma kun wal hin faalleessuu? 'Ilmi' jireenya bara baraa akka qabu kan dhaga'e jira“ ilmaan jalqaba ni qabu, garuu Inni jireenya bara baraa qabu sun gonkumaa jalqaba hin qabu.Inni waaqayoo jireenya bara baraa qabu(Jahoovaa) kan ta'ee fi fooniin kan mul'atee dha.

Wangeela Qulqullicha Yohaannis keessatti,“Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture,sagalichi waaqayyoo bira ture,sagalichi ofii isaa waaqayyo ture. Sagalichi foon ta'ee gidduu keenya keessa jiraate.” Jireenya Abbaa bara baraatiif Inni dhugaa fi amantaadhaan kan abboomee dha. Inni raajii waan turef wanta Abbaan himi jedheen ni

dubbata ture. Inni, “Abbaan Koo ana keessa jira,” jedhe. Kun Yesuus Fooniin mul'ate jedhee dha. “Abbaan koo ani keessa jira.”

Waaqayyoo maqaa ittiin waamamu heddu qaba: 'qulqullummaa keenaya' fi 'nageenya keenya' fi 'kan jireenya bara baraa qabu' fi 'Abbaa' 'Ilmaa' fi 'Hafuura qulqulluu' fa'a, garuu maqaa namummaan itti waamamu tokko qofa qaba, innis Yesuus dha.

Kara Inni ittiin ibsamu sadi qaba waan ta'ee yookaan immoo haala sadihiin of ibsuu isaatiif hin dogoggorinaa.Ardii irratti Inni raajii ture, waaqa keessatti immoo….gara biyya lafaatti deebi'ee yommuu dhufu immoo Inni mootii moototaati. “Inni dura ture”, sun raajicha Yesuus dha. “Inni amma jiru”, kun immoo Isa mooticha olaanaa ta'ee, bakka keenya kan nuuf bu'e, qaamota miiraa keenyaan tuqamuu kan danda'uu dha. “Inni dhufuuf jiru”,kun immoo mooticha dhufuuf jiruu dha.Biyya lafaatti Inni sagalicha-raajicha ture. Muuseen waay'ee Isaa, “Gooftichi waaqayyoo keessanii raajii akka kootii ni kaasa, dubbii raajichaa kan hin dhageenye yoo ta'e, saboota koo keessa guyyaan itti cittan ni dhufa,” jedhe.

Waay'ee Yesuus dhugaa kanneen hubadhaa.Biyya lafaatti, Inni raajicha, hoolichaa fi ilma ture. Inni kun sadi Isa hin taasisu. Isaan kunniin moggaafama yookaan immoo ibsama Yesuus Isa tokkichaati.

Warri waaqummaa saditti amanan yaada isaanii nama tokkoo al jedhu ni mirkaneessa jedhanii caafanni yaadan ni jira.Innis mul'ata 5:6-8ti,

“Teessicha duras uumama lubbuu qaban arfani fi maanguddoota gidduuhoolaa waan qalame fakkaate tokko nan arge. Hoolichi gaanfa torbaa fi ija torba qaba ture;isaan torban kun hafuurota waaqayyoof hajjachuudhaaf guutummaa biyya lafaatti ergamanii dha.

Hoolichi yeroo sanatti dhaqee harka mirgaa isaa teessoo irra taa'ee jiru keessaa macaaficha fudhate.

Yommuu Inni macaaficha fudhates uumamni lubbuu qaban arfan, manguddoonni digdamii arfanis, hoolicha duratti ni gombifaman.Adda addaan kiraaraa fi qodaa ixaana itti aarsan, isa warqee irraa hojjatamee fi harkaa qabu, Ixaanni qodicha keessa guutee ture, inni kadhata warra waaqayyoos qulqullaa'aniiti.“

Dhugummatti caafatonni kunniin, yommuu gargar qoodaman yaada isaanii kan mirkaneessan fakkaatu.Hubadhaa, ani kan jedhe, caafatoonni GARA GARA ta'ani dha. Haata'uu iyyuu malee, mul'ata 4:2-3 fi 9-11 dubbisaa.

“Achumaanis ani hafuuraan nan guutame;kunoo teessoon tokko waaqa keessa kaa'ame,TOKKOS teessoo sana irra taa'ee ture.

Inni teessoo sana irra taa'ee tures akka dhagoota Yaasphisii fi Saardiyoon warra gati jabeeyyi calaqqisee ni mul'ata ture.

Uumamni lubbuu qaban kun isa teessoo irra taa'e, isa bara baraan jiraatu sanaaf guddina, ulfina, galatas ni dhiyeessu.

Yeroo kanattis maanguddoonni digdamii arfan,isa teessoo irra taa'e, isa bara baraan jiraatu sanaaf gombifamanii ni sagadu. Gonfoowwan isaanis teessacha duratti gatanii ni faarfatu.

Yommuus Ati waan hundumaa waan uumteef, isaanis jaalala keetiin waan uumamaniif, waan jiraataniif, Gooftaa Keenya, waaqayyoo keenya, Guddina, Ulfina, Aangoos fudhachuun siif ta'a ni jedhu.“

Gadi fageenyaan caafata lammaffaa keessatti hubadhaa, “TOKKO” “Lamas sadihis miti garuu TOKKO” tu teessoo irra taa'e jedha. Caafata sadaffaa keessatti, “INNI” (ISAANII miti) sun akka gati jabeeyyii calaqisee ni mul'ata ture jedha. Caafata sagalaffaa keessatti uumamni lubbuu qaban Ulfina “ISAAF” (Isaaniif miti) kennan jedha. Caafata kudhanaffaa keessatti immoo maanguddoonni fuuldura “ISAATTI” (Isaaniif miti) gonbifaman jedha. Caafata kudha tokkoffaa keessatti immoo isaan “YAA GOOFTAA” (Gooftotaa miti) ati hunduma waan taateef jedhaa boo'an jedha.Dabalataanis caafata kudha tokkoffaa keessatti TOKKICHI teessoo irra ture sun “uumaa” kan ta'e Yesuus, (Yoh 1:3) akka ta'e,Inni Jahoovaa-hafuurichi-Waaqayyoo Inni bara kakuu moofaa (Um 1:1) akka ta'e ni dubbata.

Garuu bakka kana qofatti dhaabbachuu hin qabnu. Mul'ata 3:21 keessatti dubbisaa.

“Ani Ofii kootii moo'ee abbaa koo wajjiin teessoo isaa irra akkuma taa'e,inni moo'u ana wajjiin teessoo koo irra akka taa'uus aboo nan kennaaf.”

Akkasumas Ibroota 12:2 keessatti,

“Yesuus isa amantii keenya jalqabee fiixaan baasu sanatti ija hin buqqifannu, Inni gammachuu fuula dura isaa jiru sanaaf jedhee fannoo irratti du'uu isaatiif Yeelloo isa irra ga'e homaatti utuu hin lakkaa'in,obsaan fannoo irratti du'uu ni danda'e,ergasiis gara mirga teessoo waaqayyoo taa'e.”

Hubadhaa akkaataa Yesuus ofii isaatiin mul'ata barreesseen Inni abbaa WAJJIIN taa'ee jira.Hafuurri Phaawulos keessa ture(innis hafuura Kiristoos kan ta'e, yommuu sagaleen dhufutti hafuura raajii kan ta'e sun) gara HARKA MIRGA waaqayyoo taa'e. Garuu yommuu ilaalutti Teessicha irra “TOKKO” qofa arge.Inni kunis hanga Mul'ata 5:6-8 (isa tartiiba yerootiin kan mul'ata 4:2-3tti aane dhufe) utuu hin ta'in kan nuti “hoolichi” yommuu macaaficha “Isa” teessoo irra taa'e irraa yommuu fuudhuu kan argine akkuma mul'ata 4:2-3 fri 9-10 keessatti mul'atetti. Inni maal turee? Icciitii “WAAQA TOKKOOTI.” Inni(Yesuus) waaqayyoo keessaa ba'ee, fooniin ni mul'ate, du'ee, du'aas ni ka'e, “gara harga mirga abbaattis” ni deebi'e.Akkuma Yohaannis, “Homtinuu takkaa waaqayyoon hin argine, ilma tokkicha isa Abbaa bukkee ture sanatu, waay'ee Isaa hiikee beeksise malee,” jedhe. Yoh 1:18. Amma yeroon kan waaqayyoo(Masihichi) misirroota isaatiif dhufee warra Israa'elootaaf of beeksisuu dha. Sana booda yommuu waaqayyoo ilma namaa wajjiin walitti dhufeenya uumuudhaaf akka “Ilma Daawitiitti, Mootii Moototaatti fi Gooftaa Gooftotaatti, Misirroo dhiiraa kan misirritti Azaabiif)” deebi'ee ni dhufa. Kunis WAAQA Lama utuu hin ta'in, WAAQAYYOO ulfaatichi TOKKO eenyummaa Isaa karaa gara garaatiin kan ibseedha malee.

Inni raajii ta'uu Isaa namoonni ni beeku ture. Mallattoon dhufiinsa Masihichaas karaa raajichaan qofa akka ta'es ni beeku ture.

Yoh 1:44-51,

“ Filiphosis akkuma Indriyaaasi fi pheexiroos nama mandaraa bestayadaa ture,

Filiphos kun Naatanaa'eelin argatee, isa museen macaafa seeraa keessatti,raajonni immoo macaafa isaanii keessatti,waayee Isaa caafan arganneerra; Inni namichia Naazaret,Yesuus ilma yoosef jedheen

Naatanaa'el yommuus Naazaret keessaa wanti gaariin ba'uu danda'aa? Jedhee Filiphoosiin gaafate, FIliphoos immoo kootuutii ilaali jedhee deebiseef,

Yesuus utuu naatanaa'eliin garaa isaa dhufuu argate, ilaa nama Israa'elii isa dhugaaa isa sobni keessa hin jirree jedhee waayee isaa dubbatte,

Naataanaa'el eessatti na beekta ? isa gaafate, yesuus immoo deebise, Filiphos utuu si hin waamin, muka harbuu jalatti si arge, jedheen

Kana irratti Naatnaa'el,Rabbi ati ilma waqayyooti,Ati ilma waaqayyooti,Ati mootii Esraa'el jedhen.

Yesuus ammas deebisee,muka harbuu jelatti si arge waan siin jedheef amantaa? Isaan kana caaluu iyyuu arguuf jirta, jedheen,

Itti dabalees, dhuguma dhumaan isinitti hima,maqaa banama ergamtoota,waaqayyoos ilma namaa irra ol ba'anii gadi bu'anii arguuf jirta jedheen.''

Dandeettiin yaadaa fi akeekkaa namoota gargar beekuun, filatamtoonni waaqayyoo Masihichi dhufuu isaa beekuu danda'anii jiru.

Ibroota 4:12,

“Dubbiin waaqayyoo jiraataa dha, humna hojjatus of keessaa qaba. Billaa gara lamaan qaramee caalaa qara qaba;Inni hafuuraa fi lubbuu, buusaa fi dhuka gar gar ni baasa, yaadaa fi akeekkaa garaa namaas qoree faraduudhaaf ni danda'a.”

(Bartoonni isaa nyaata bituudhaaf gara mandaraa dhaqanii turan,}

Dubartiin samariyaa sun , “ attamitti atii Yihuudaa taatee,ana dubartii samariyaa bishaan dhugaatii na gaafatta?” Jetteen. Yihoodonni warra samariyaa wajjiin qodaa tokkotti hin sooratan.

Yesuus deebisee, “kennaa waaqayoo utuu beektee, inni bishaan dhugaatii anaaf keenni,siin jedhe kunis eenyuu akka ta'e utuu hubatte silaa situ isa gaafata,inni nammoo

bishaan yeroo hundumaa siif kenna ture,” jedheen.

Dubartittiin kana irratti, “yaa gooftaa utuu waan ittiin budduqsitu hin qabdu,boolli bishaani chaa immoo gadi fagoo dha,bishaan yeroo hundumaa jiraatu,sana eessaa fidda ree?

Abbaa keenya Yaaqob isa bishaanicha dhugee,ijoolleen isaa, horiin isaas dhuganii, boolla bishaanichaa immoo,nuuf kenne ni caaltaa?“ jette.

Yesuus immoo , “bishaan kana irraa kan dhuguu hundinuu deebisee ni dheebota,

Bishaan isa ani keennuuf jiru irraa inni dhuguu garuu,bara baraan hin dheebotu, bishaan inni ani kennuufiif jiru,isa keessatti burqaa bishaani isa jireenya bara baraatiif burqu ni ta'a“ ittiin jedhe.

Kana irratti dubartiin, “yaa gooftaa deebi'ee akka hin dheebonneef,bishaan waraabbachuufis,akka ani as hin dhufneef bishaan kana anaaf kenni” jetteen.

Yesuus immoo, “dhaqi!,abbaa manaa kee waamii kootu, ” jedheen.

Dubartittiin deebiftee, “Anoo abbaa manaa hin qabu,” jetteen. Yesuus immoo deebise , “Isa abbaa manaa hin qabu,jette ba'eessa dubbatte” jedheen.

Abboota manaa shan qabda yoo turteeyyu, inni amma si wajjiin jiruu abbaa manaa keeti mitii,kana dhugaa dubbatte itti,“ jedhe.

Kana irratti dubartiittiin, “Akka ati raajii taatee ni arga,yaa gooftaa,

Abboonni keenyaa gaara kana gubbaatti ni sagadu, isin warri Yihuudaa immoo,laftii itti waaqayyoof sagaduun ta'u Yeruusaaleem keessa jirra jettu,“ ttiin jette.

Yesuus yammuus, “dubartii nana yeroon itti,isin gaara kana gubbaatti yookins Yeruusaalemitti abbaadhaaf hin saganne dhufuuf jira,na amani.”

Isin waan hin beeknetti sagaddu, nuyi garuu waan beeknutti saganna,fayyinni Yihuudoota keessa ni dhufa.

Yeroon itti warri dhuguma sagadan,hafuuraa fi dhugaadhaan abbaadhaaf garuu sagadan ni dhufa; innis ammumaayyuu ga;eera.abbaanis warra akkasitti isaaf sagadan ni barbaada.

Waaqayyoo hafuura warri isaaf sagadanis hafuuraa fi dhugaadhaan isaaf ni ta'aaf.

Dubartittiin immoo deebiftee, “Masihiin inni kristoos jedhamu akka dhufu anuu beeka, inni gaafa dhufe waan hundumaa nutty ni hima,” jetteen.

Yesuus yommuus, “Inni amma si wajiin dubbachaa jira,kunoo ani isa” ittiin jedhe.

Yommuu dubartittiin bakka bishaan waraabuuf dhaqxetti, Inni yaadaa fi akeekkaa garaa ishee itti himu dhageetetti,Masihichi kan beekkamu dandeetti guddaa kanaan jettee, raajicha ta'uu Isaas mirkaneessite. Yoh 4:7-26,

“ Dubartiin samariyaa tokkos bishaan waraabbachuudhaaf dhufte,yommuus yesuus , ” bishaan dhugaatii anaaf kenni“ ittiin jedhe,

Mul'ata yoha 15:3 keessatti akkana jedha,

“Isaan faarfannaa muusee, garbicha waaqayyoo,faarfannaa hoolichaas ni faarfatu, yaa waaqayyoo gooftaa,hunduma dandeessu,hujjin kee guddaa dha, dinqisiisaadhas, Ati yaa mootii saba hundumaa,karaan kee,hundinuu qajeela dha, dhugaa dhaa.”

Isa kana argitanii? HOOLICHI, Inni hangafa lubootaa kan ta'ee fi dhiiga Isaa cubbuu nuti raawwanneef akka kafaltiitti kan dhiyeesse waaqayyoo Gooftaa isa hundaa oliiti. Yeroo amma Inni haala kanaan ibsama. Yeroo ammas cubbuu keenyaaf dhiiga Isaa jigsaa jira. Garuu gaafa Hoolichi, leencichi gosa Yihuudaa kan ta'e sun ni dhufa.Innis aangoo fi ulfrakkoo nu uumneef dhiiga isaa kan nuuf jisse,garuu laambiin sun gaafa tokko gooftaa judaa ta'e ni dhufa gooftaa fi fayyisaa ta'ee addunyaa kaninaan dhufee akka mootitti ni bulcha.Mootichi biyya lafaa ni dhufa. Kana jechuun immoo Inni yeroo amma mootii miti jechuu miti. Inni mooti keenya, mootii qulqullaa'otaa. Yeroo amma mootummaan Isaa hafuuraan jira.Sirna bulchiinsa addunyaa kanaati miti, akkuma nutis kan addunyaa kana hin taaneen. Namoota addunyaa keessa jiraniin sababa kanaaf gargar bane. Lammummaan keenya kan waaqaati.Hafuura biyya nuti deebinee itti dhalanne, isa mootichi Yesuus ta'e balaqeessina.Dubartoonni keenya uffatta warra dhiiraa kan hin uffannee f, dabbasaa isaanii hin gabaabsineef yookaan immoo wantoota

namoonni addunyaa keessa jiran baay'isani jaalatan hin raawwannef sababa kanaaf. warri dhiiraas dhugaatii hin dhugnee, tamboo hin xuuxanii fi cubbuudhaan itti hin fuufneef sababuma kanaaf.Olaantummaan keenyas Cubbuu irratti, kunis humna isa hafuura kiristoos fi nu keessa jiruun. Mootummaan biyya lafaa kamiiyyuu ni barbadaa'a, kan keenya garuu yeroo hundaa ni jiraata.

-Amma, hanga ammaatti waayee adeemsa hojii fi haala ibsama waaqayyo tokkicha isa dhugaa fi Ulfina Isaa qiin kan beekamuu osoo hin ta'in ibsama hafuuraatiin beekamuu danda'a. Innummaan tokkichi Yesuus jedhamee beekkamu yeroo durii arraba ibidaatiin beekama ture. Garuu immoo hafuuraan deebi'ee namoota isaa gidduutti akka argamu waadaa galee jira. Guyyaa shantamaffaattis hafuurri ibbidaa sun gadi bu'ee, isaan hunda irratti gara ibidda afaan haarawaatti jijjirame. Waaqayyo maal raawwachaa turee? Warra dhiiraatii fi dubartoota kanneen hundaaf qooda Isaa kennuudhaan waldaalee jidduutti Of qoqqoodaa ture. Akkuma waadaa galeen, Waldaalee Isaa keessatti of ni qoqqoode.

Yohannis 14:16-23,

“Ani abbaa nan kadhadha, Inni bara baraan isin bira haa jiraatuuf,kan biraa kan isiniif dubbatu,isiniif ni kenna

Inni isiniif dubbatu kun hafuura dhugaati;biyyi lafaa waan isa hin argineef,isa hin beekneefis,isa fudhachuu hin danda'u.

Isin garuu,Inni isin wajjiin waan turuuf isin keessas waan jiraatuuf Isa beekuuf jirtu.

Ani kophaatti isin hin dhiisuu,gara keessan nan dhufa.

Yeroo gabaabduu booddee biyyi lafa deebi'e ana hin argu, isin garuu ani waanan jiraadhuuf,isin immoo ana keessa, Anis isin keessa akkan jiruu beekuuf jirtu.

Namni abboomii koo qabu,inni isa raawwatus,isa kan na jaallattu,immoo abbaan koo isa jaalachuuf jira,anis isa nan jaaladha,ofii koos isatti mul'isuuf jira jedhe.

Yeroo gabaabduu booddee biyyi lafaa deebi'ee ana hin argu,isin isinis immoo jiraachuuf waan jirtaniif na argitu.

Gaafas ani abbaa koo keessa, isin immoo ana keessa, anis isin keessa akkan jiru beekuuf jirtu.

Namni abboomii koo qabu, inni isa raawwatus, isa kan ana jaalatu;nama ana jaalatu immoo abbaan koo isa jaalachuuf jira, anis isa nan jaaladha, ofii koos isatti mul'isuufan jira,“ jedheen.

Yihuudaa nama biyya keriyot,utuu hin ta'in,Yihuuda inni tokko gooftaa attamitti, ati biyya lafaatti utuu hin ta'in nutti of mul'ista ree? Ittiin jedhe.

Yesuus deebisee, “Eenyulle yoo na jaallate,dubbii koo ni raawwata,abbaan koo immoo isa ni jaallata,nuyis isa bira ni dhufna,iddoo jireenyaas isa bira ni godhanna,” jedheen.

Innis ,gara abbaa isaanuma (bartoota) WAJJIIN jirutti,garuu immoo kan ISAAN KEESSA HIN JIRREETTI nan kadhadha, jedhee. Inni sun Kiristoos ture. Itti aanees caafata digdamii sadi keessatti, waay'ee Isaa ti fi Abbaa yommuu dubbatu, nutiis isa bira ni dhufna jedhe. Akkana jedha: “Hafuurichi dhufaa jira,hafuurri innummaan tokko ture haala Abbaatiini fi ilmaatti ibsame sun ammas haala baay'een ni mul'ata.” Hafuura kan ta'e, WAAQAYYO TOKKICHA.

Namni kamiiyyuu ka'ee namni qulqulluun Phaaphaasii yookaan immoo qeesii dha jedhee dubbachuu kan hin dandeenyeef sababa kana.NAMNI QULQULLUUN Kiristoos,Isa hafuura nu keessa jiruu dha.darkaa akkamiitii? Tokkoon tokkoo isaan wanta dubbatan ni qabu. Hundi hojii ni qabu, hundis tajaajila ni qabu. Guyyaa shantamaffaatti hafuurri qulqulluun , Kiristoos , Yoh 14:20 keessatti,

“Gaafas ani abbaa koo keessa, isin immoo ana keessa anis isin keessa akkan jiru beekuuf jirtu,” jedhee dubbate guutuuf bu'ee hunda isaani irratti of qoqqoode ture.

Ani guddichi,waaqayyo Inni ulfaataan, waldaa Isaa ishee dhugaa taate hafuuraan guutuuf dhufee jira. Garuma Inni barbaadetti socho'uudhaafi nama fedhe irratti bu'uudhaaf mirga guutuu qaba. Jidduu keenyatti, “Namoota qulqulluu,” hin qabnu, garuu waldaan qulquulluun waaqayyoo sababa argamuu hafuura qulqulluutiin, qulqulluu dha, waldicha mataa isaa osoo hin ta'an.

Egaa inni kun mul'achuu dha: Yesuus kiristoos Waaqa. Jahoovaan Inni bara kakuu

moofaa,Yesuus isa bara kakuu haarawaati.Hanga kamiiyyuu yoo guddiftanii utuu yaaltanii, Waaqni SADI ta'uu Isaa mirkaneessuu hin dandeessan. Garuu immo waaqayyoo Tokko ta'uu Isaa Inni Jahoovaan bara kakuu moofaa, Yesuus Inni bara kakuu haarawaa ta'uu isaa arguudhaaf mul'anni hafuura qulqulluu barbaachisaa dha. Seexxanni gara waldaaleetti suuta suutaan seenee dhugaa kana namoota jalaa dhokse. Warri waldaa Roomaa durii yommuu dhugaa kana arguu dhadhabanitti , maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiin cuuphuu dhaabuuf yeroo baay'ee itti hin fudhanne ture.

Bara Caafatoonni macaafa qulqulluu heddu itti jijiraman kana keessatti waay'ee dhugaa Tokkummaa Waaqayyoo hubachuudhaaf gargaarsi hafuura qulqulluu barbaachisaa akka ta'e nan amana.Garuu Waldaan dhugaa qabdu mul'ata irratti hundooftee ijaaramti waan ta'eef, waaqayyoo dhugaa Isaa nutti mul'isuu akka danda'u ni abdanna. Garuu Waldaan inni dhugaa mul'ata hafuuraa irratti hundooftee waan ijaaramtuuf, nutis waaqayyoo dhugaa Isaa kana nuuf ibsu akka danda'u ni eegna. Haata'u iyyuu malee,dhugaadhumatti maalummmaa cuuphaa bishaanii irratti mul'anni isin hin barbaachisu. Inni kun fuulduruma keessan irra jira. Maqaa Abbaa, ilmaa fi hafuura qulqulluun cuuphaa jedhee ajaja qajeelaa Gooftaan ergamootaaf kenne utuu beekan, ajaja kanaan alatti cuuphuu ni danda'u turee? maqaan maal akka ta'e ni beeku, macaafa qulqulluu keessattis maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosin alatti maqaa biraatin bakki itti cuuphan gonkumaa hin jiru. Macaafni ergamootaa, waldaa gochaan jiru akka ta'e qayyabannoon waliigalaatu nuti ni hima, Yoo isaan karaa sanaan Cuuphan,karaan sun karaa cuuphaa sirrii ta'a jechuu dha. Amma inni kun dhimma guddaa ta'uu isaa yoo beektan,maal yaaddu ree? Maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiin namni hin cuuphamne kamiiyyuu irra deebi'ee karaa sirrii ta'e kanaan cuuphamuu qaba.

Hojii ergamoota 19:1-6,

“Apholos amma illee qoronxoos utuu jiruu, Phaawulos kutaa biyya gara olii keessa darbee Efeesiyoon dhufe:

Achitti immoo bartoota gooftaa tokko argatee, yeroo amantan hafuura qulqulluu fudhattaniittuu? isaaniin jedhe.

Isaanis, Hafuurri qulqulluun akka jiru iyyuu nuyi hin dhageenye ,jedhan .

Kana irratti Phaawulos immoo, Yoos isin maalitti cuuphamtan ree? jedhe.Isaanis, Cuuphaa Yohaannisitti jedhan.

Phaawulos yommuus, Yohaannis isa boodde isa dhufuuf turetti, kana jechuunis Yesuusitti, akka amanan saba barsiise, cuuphaa geeddarannaa yaada garaa cuuphe jedhe.Jarri kana dhagahanii maqaa Gooftaa Yesuusitti cuuphaman.

Yeroo Phaawulos harka isaa, isaan irra kaa'etti, hafuurri qulqulluun isaan irratti bu'e, afaan hin beekneenis ni haasa'an, raajis ni dubbatan.“ Kanuma. Namoonni gaggariin Iffeeson kun waay'ee dhufiinsa Masihichaa kan Yohaannis lallabe dhaga'anii turan. Yesuus Isa fuulduratti dhufuuf jirutti waan amananii fi cubbuun isaani akka haqamuufis maqaa Isaatiin cuuphamani turan. Amma garuu gara Yesuus duubatti ilaaluu fi Haqamuu cubbuu isaaniitiif cuuphamaa turan. Yeroo Hafuura Qulqulluu itti fudhatanis ture. Yommuus Maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoositti cuuphaman, Phaawulosis harka isaa, isaan irra kaa'e, kennaa hafuura qulqulluus ni argatan.

Oh, Namoonni warra Effesoon sun saboota gaarii dha,kanaan alattis namni mirgi nageenyaa itti dhagahame yoo jiraate, isaan turan. Hubadhaa, fageenya hammamii deemanii akka dhufan.Fageenya dheeraa dhufanii Masihicha Isa dhufuuf jiru hanga amanutti gahanii turan. Dhufuu Isaatifis qophaa'anii turan. Karaa biraatiin immoo Inni isaan jalaa akka miliqe hin hubattanii? Inni dhufee deebi'ee deeme ture. Maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiin Cuuphamuun isaan barbaachisee ture. Hfuura qulqulluudhaanis guutamuu barbaadanii turan.

Maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoositti yoo cuuphamtanii yoo jiraattan, Waaqayyoo immoo hafuura Isaatiin isin guuta. Kun sagalee Isaati. Hojii Ergamootaa 19:6 Keessatti kan dubbifne kun Hojii ergamootaa 2:38 kan guutuu dha.

“Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokkoon tokkoon

Ilaalaa, Phaawulos hafuura qulqulluudhaan sirriidhumatti wanuma Pheexiroos hafuura qulqulluudhaan dubbate hime. Akkasumas wanti yeroo sanatti dubbatame immoo

geeddaramuu HIN DANDA'U. Guyyaa shantamaffaa irraa eegalee hanga filatamtoota isaan dhuma cuuphamanitti hin jijjiramne.

Galaatiyaa 1:8 keessatti,

“Haa ta'uuyyuu malee, ani yookiis ergamaan waaqa irraa tokko, wangeela isa nuyi kanaan dura isinitti himnetti kan gargar ba'e yoo isinitti hime, abaarama haa ta'uu.”

Isin warri Yesuus qofatti amantan karaa dogoggora ta'een cuuphitu. Bishaan keessa naqanii baasuun akka waan nama fayyisuutti, haarawa dhalachuuf cuuphitu. Haarawa dhalachuun gocha hafuura qulqulluti malee bishaaniin kan argamuu miti. Namtichaan gargaarsa Hafuuraa qulqulluudhaan , “Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuufis, tokkoon tokkoon keessan Maqaa Yesuus Kiristoositti cuuphamaa,” jedhee ajaje malee bishaanichi sun haarawa isin uuma hin jenne. Inni kun, “waaqayyoof yaada garaa nama hin ceephanne,” argachuudhaaf wabii kan ta'u qofaa dha. Dhimmichi kanuma.

IPheexiroos 3:21 keessatti, “Kunis fakkeenya cuuphaa isa isin amma ittiin ooltaniiti, cuuphaan waan ittiin karaa du'aa ka'uu Yesuus Kiristoos, yaada garaa nama hin ceephanne argachuudhaaf,waaqayyotti himatanii dha malee, (waan ittiin xurii dhagnaa dhiqatan miti),” jedha.

Ani itti amana.

Namni kamii iyyuu waay'ee cuuphaa Maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosin alatti karaa biraatiin Seenaan mirkaneessuu ni jira jedhee yaadu yoo jiraate, macaafota seenaa sanneen ofii keessaniin dubbiftanii akka hubattan isin gorsa. Kan itti aanu kun galmee waa'ee cuuphaa isa dhugaa bara 100 A.Dtti, Roomaa keessatti kan raawwatamee fi Muddee 5,1955tti immoo irra deebi'ee gaazexaa 'Time' irratti maxxanfamee dha.

“Daaqonichi harka isaa ol kaase,Phaabiloos Deesiloos immoo karaa balbalaatin gara gandaa cuuphaatti ol seene. Maarqas Vaaskaa,inni qoraan gurguraan immoo ladduma gandichaatti dhaabbachaa ture. Yommuus Phaabiloos gara gandichaatti gadi lixu, Maarqas ladduma isaatti dhaabbatee seeqachaa ture. 'Kreedis? jedhees isa gaafate. Phaabiloos immoo , 'Kreedoo' jedhee deebiseef. 'Fayyummaan koo Yesuus Isa Kiristoos ta'e, Isa Philaaxoosiin fannifame irraa akka dhufu nan amana. Jireenya bara baraa Isa wajjiin akka argadhus, Isa wajjiin nan du'a.' Akkuma gandaa bishaanichaatti guutummatti gadi seena jirutti,irree cimaan isa yommuu gargaaru itti dhagahamee ture, akkuma bishaan qabbanaa'an isa dhoksaa dhufetti illee, sagalee, 'maqaa Gooftaa yesuus Kiristoosiin si cuupha,' jedhu Maarqas dhagahe ture.”

Qajeelumatti hanga dhugaan badutti (hanga bara dhumaa kanattiis kan hin deebine - Kunis bara Niqiyaa irra eegalee hanga jalqaba jaarraa kanaatti) Maqaa Goofticha Yesuus Kiristoosiin cuuphaaa turan. Garuu dhugaan kun deebi'ee jira. Seexxanni mul'ata hafuurri kennuu male gadi qabu hin danda'u.

Eeyyee, Waaqayyo sadi utuu ta'ee jiraate, isinis haaluma gaariin Maqaa Abbaa,Ilmaa fi Hafuura qulqulluutti ni cuuphitu ture. MUL'ANNI YOHAANNISIIF KENNAME ture garuu, WAAQAYYO TOKKO ta'uu isaatii fi fi Maqaan Isaas GOOFTAA YESUUS KIRISTOOS akka ta'ee dha, isinis WAAQAYYO TOKKOO FI TOKKO qofaaf cuuphamtu.Pheexiroos haaluma guyyaa shantamaffaatti rawwateef sababuma kanaaf ture.Inni mul'ata,“Eegaa Waaqayyo, YESUUS,isa isin muka irratti fanniftan kana GOOFTAA DHA FI MASIHICHA akka godhe Israa'eloonni hundinuu utuu hin mamin haa beekan,” jedhuuf amanamaa ta'uu qaba ture. Inni kana, “GOOFTAA YESUUS KIRISTOOS.”

Yesuus, GOOFTAA FI MASIHICHA yoo ta'e, Inni (Yesuus) immoo “Abbaa,Ilmaa fi Hafuura QULqulluu”malee kan biraa ta'uu hin danda'u, hundinuu nama TOKKO keessatti fooniin kan ibsaman.Dhimmichi, “WAAQAYYO namoota sadi keessatti, Silaaseewwan eebbifamanii,” UTUU HIN TA'IN, WAAQA TOKKO,NAMA TOKKO,moggaasa gurguddoo sadi kan qabu fi moggaasa kana immoo adeemsa hojii sadihiin kan ibsamuu dha. Dabalataanis dhagahaa.Yesuus, “GOOFTAA FI KIRISTOOSII” dha. Gooftaan(Abbaa) fi Kiristoos(Hafuura qulqulluu)dha,Inni(Yesuus) waan (Gooftaa fi Kiristoos) ta'eef.

Inni kun waay'ee tokkummaa waaqayyoo kan nuuf hin ibsine yoo ta'e, wanti nuuf ibsuu danda'u kan biraa hin jiraatu. Gooftaan kan biraati MITI;Kiristoos kan biraati MITI. Yesuus innummaan kun Gooftaa Yesuus Kiristoosi dha. WAAQA TOKKO.

Filiphoos gaafa tokko Yesuusiin, “Yaa gooftaa, abbaa nu agarsiisi, kanaa achi nu ga'a,” jedheen. Yesuus immoo deebisee, “Utuma ani yeroo dheeraa hammana ga'u isin wajjiin

jiraadhu iyyuu nah in beeknee,” jedheen. Namni ana arge abbaa arge, akkamitti, 'Abbaa nutti agarsiisi' jetta ree?Yeroo tokko isa kana yommuun dubbisu dubartittiin takka, “Mee daqiiqaa tokkoof na dhagahi Obboleessoo Biraanhaam,ati fi haati manaa kee tokko,” naan jette.

Anis deebisee, “Gosa sanii miti,”ittiin jedhe.

Isheenis, “Dhiifama wajjiin naaf ibsitaa? naan jette.

Kanaafuu anis deebisee, “Ana argitaa? jedheen.

Isheen, “ Eeyyee,” jette.

Anis, “Haadha manaa koo argitaa?” ittiin jedhe.

Isheenis, “hin argu,” jette.

Anis, “Kanaafuu Inni waan Namni ana arge abbaa arge jedheef tokkummaan kun gosa biraati,” ittiin jedhe.

Gara saafayaatti ifa ni ta'a jedhee raajichi dubbatee jira. Haala kanaan faarruun barraayee jira:

“Gara saafayaatti ifa in ta'a,

Gara ulfinaatti karaa geessu dhugaadhumatti ni argattu.

Karaa bishaaniitiin,isa ifa bara kanaa ta'een,

Maqaa jaalatamaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiitti awwaalamuun,

Dargaggeessaa fi jaarsi,cubbuu garaa keessanii,

yoo geeddarattan hafuurri qulqulluun dhugumatti gara keessan ni seena.

Ifti bara galgalaa dhufee jira.

Gooftaa fi Kiristoos tokko ta'uun isaa dhugaa jiruu dha.“

Dhiyeenyuma kana barsiisaa Yihuudaa wajjiin haasa'aa ture. “Isin warri Azaabotaa Waaqayyoon bakka sadihitti qoqqooddanii Yihuudotaaf hin kennitan.Nuti kan kana caalu ni beekna,” naa jedhe.

Anis, “sirrii dha yaa barsiisaa,nuti waaqayyoon bakka sadihitti hin qoqqoonu. Ati raajotatti ni amanta, hin amantuu?”, jedheen.

Innis, “sirritti amana”,jedhe.

“Isaayyaas 9:6tti amantaa?”

“Eeyyee”

“Raajichi waay'ee eenyuu dubbachaa ture?”

“Masihicha.”

Anis,“Waaqayyoo fi Masihichi walitti dhufeenya maalii qabuu?” jedheen.

Innis,“Inninuu waaqayyo dha”, jedhe.

Anis, “dhugaa dha”, jedheen.Ameen.

Waaqayyoon namoota gara garaa sadii yookaan immoo bakka sadihitti qoqqooduu hin dandeessan. Abbaa, Ilmaa fi Hafuurri Qulqulluun gara gara jiru jettanii Yihuudotatti himuu hin dandeessan. Innummaan hatattamaan yaadni sun eessaa akka dhufe isinitti ni hima. Sirni kun walgahii Niqiyaa irratti raawwatameuu isaa yihuudonnis ni beeku. Akka namoota waaqayyootti hin amannetti nu ilaalanis kan nu dinqisiisuu miti.

Nuti waay'ee waaqayyoo Isa hin jijjiramnee ni haasofna.Warri Yihuudotaas kanatti ni amanu. Garuu waldaaleen waaqayyo Isa hin jijjiramne sana TOKKO irraa gara SADIHITTI jijjirani jiru.Ifni garuu yeroo saafayaatti ni deebi'a.Dhugaan kun bara Yihuudonni gara Filisxeemitti deebi'aa jiranitti dhufuun isaa hammam dinqisiisaa dhaa. Waaqayyoo fi Kiristoos TOKKO. Yesuus kun GOOFTAAS KIRISTOOSIS.

Yohaannis mul'ata argate,Mul'anni sunis YESUUS ture,ammas irra deebi'ee Innummaan sun caafataan of ibsee jira, “Inni kaleessa, har'aa fi bara hundumaas sanuma,Waaqayyo ulfaataa dha.Ameen.”

Mul'anni humnaa ol yoo isinitti ta'e, gara olii ilaalaa akka ayyaanomtanis argattanis

waaqa kadhadhaa. Yeroo hundumaa karaan itti ayyaanomuu dandeessan kanuma. Mul'annii karaa waaqayyootiin dhufuu qaba. Gonkumaa dhala namaatii fi uumamaan kan kennamu utuu hin ta'in kennaa hafuura waaqayyootiin qofa argamuu danda'a.Caafata hedduu iyyuu tarreessuu dansaa ta'us, inni qofti garuu faayidaa hin qabu. Mul'anni waaqayyoo irraa argamuun dirqama ta'a. Dubbiin waaqayyoo keessatti hafuura qulqulluun alatti namni kamiiyyuu Kiristoosummaa Yesuus himuu akka hin dandeenye ni dubbata.Kennaa hafuura qulqulluu erga argattanii booda qofa Kiristoosummaa Yesuus, Isa dibamaa ta'e sana, hafuurichi isiniif ibsuu kan danda'u.

Warra hafuurri waaqayyoo mul'iseef malee, wantoota waaqayyoo namni kamii iyyuu beekuu hin danda'u.Mul'ata argachuudhaaf wanta addunyaa keessa jiran kamii iyyuu caalaa Waaqayyoon gaafachuu qabna. Macaafa qulqulluu erga ofitti fudhannee, dhugummaa guddaa isa keessa jirus fudhannee jirra,garuu shallagni hafuuraa waan hin jirreef namoota hedduuf ammas dhugaan kun dhokatee jira. Sagalee waaqayyoo namni hin qayyabanne turre. Macaafni Qulqulluun gara Warra Qoronxoos lammafaa 5:21 keessatti,nuti karaa isa qajeelina waaqayyoo akka argannutti Gooftaa Yesuus wajjiin qooda tokko taanee jirra, jedha. Hubattanii? NUTI QOODA KITRISTOOS TA'UUN QAAMA ISA CUBBUU TOKKO ILLEE HIN QABNEE TAANEE JIRRA.Itti dabalees Inni(Yesuus) nuuf jecha CUBBAMAA godheera jedha. Innummaan cubbuu raawwate hin jedhu,garuu qooda nuyi Isa wajjiin qabnuun karaa Isaa qajeelaa waaqayyoo akka argannuuf, nuuf jecha cubbamaa isa godheera jedha.Kanaafuu dhugaa Inni nuuf jecha bakka keenya bu'ee cubbamaa akka ta'e yoo hubanne, nutis qooda Isa wajjiin qabnuun qaama Waaqayyoo cubbuu tokkollee hin qabnee ta'uu keenyas beekuu qabna.Qaama Isaa tokko dhiisuun isa biraa akka dhiisuutti lakkaa'ama. Isa tokko ofitti fudhachuunis Isa kaan akka ofitti fudhachuutti lakkaa'ama. Macaafni qulqulluunis kunuma akka dubbatu ni beekna. Dhoksuu hin dandeenyu. Garuu shallagni waay'ee hafuura Isaa hin jiru. Inni kun ijoollee waaqayyoo hedduuf dhugaa miti. Macaafa qulqulluu keessatti inni kun caafata gaariidha. Garuu jireenya keenya keessatti FAAYIDAA irra bulchuu qabna. Kun Garuu shallaga hafuura waaqayyoo barbaada.

Mee iddoo kanatti wanta isin gargaaruu fi dinqisiisu isinitti haa himuu.Yeroo jalqabaa macaafni kakuu haarawaa Afaan Giriikiin ta'uu dhabuu isaa barataan jabeessee amanu tokko ni jira ture. Barattoonni macaafa qulqulluu keenya isaan gurguddoon hundi, waaqayyoo biyyoota gurguddoo sadi bu'aa gurguddoo sadi wajjiin dhimma wangeelaatiif addunyaadhaaf kennuu isaa ni dubbatu. Giriikotaaf afaan walii galaa kenneef.Warra Ahuudota,isaan amantaa dhugaa fi beekkumsa waaqayyoo karaa fayyisichaatin nuttti himan nuuf kenne. Akkasumas Warra Roomaanota kan Impaayera tokko ta'an, seeraan buluu fi sirna daandiiwwan gurguddoo warra nuuf kennan nuuf gumaachee jira. Kanaafuu amantaa isa dhugaa,afaan ittiin namoota hedduuf ibsinuun, mootummaa ittiin bulluu fi daandiiwwan ittin daddabarsinu ni qabna. Kanaan alattis seenaa irratti hundoofnee yommuu dubbannu wanti kun sirrummatti dhugaa fakkaata. Yeroo ammaa immoo hayyoonni keenya warra Giriikii, caaslugni Giriikii inni bara macaafa qulqulluu katabamu ture sun sirrii fi qajeelaa akka ture, barataan Giriiki immoo utuu haaromsamee fi sirna afaanii sirritti beekee, wanta macaafni kakuu haraawaa bara kana barsiisu sirriidhumatti beekuu ni danda'a jedhu.

Inni kun garuu sirna yaadaa (Theory) qofaa mitii? Inni kun dhugaa dhaa? Hayyoonni kabajamoon Giriikii hundi isaanii dhaabbata amantaa tokkoo keessa jiran, bartoota dhaabbata amantaa biroo wajjiin mormii jecha fi caasluga afaan Giriiki walfakkaatu irratti adeemsisuun isaanii dhugaa mitii? dhugumatti haaluma kana ture. Yeroo durii bara Pergaamiyaa keessatti iyyuu,walgahiin Niqiyaa bara 325 adeemsifamuu isaatiin dura bartoota gurguddoo lama,Ariyoosi fi Ataanasiyoos jedhaman turan, boooddee immoo hiikkaa jecha Giriikii tokko irratti waraana amantaa keessatti ukkaamamanii turan. Kanaafuu addunyaa maraa keessatti mormiin abbootiin seenaa kunniin taasisan irratti hundaa'uun,addunyaan dubbisa sagalee (birsaga sagalee dubbbachiiftuu tokko) irratti bakka lamattii qoodamee ture.

Amma kan Girikichaa sirrii fi waaqayyoon kan muudame utuu turee, mormiin akkasii maaliif ka'uu danda'ee? dhugumaan waaqayyoo hundi keenya Giriikiffaa akka beeknu hin feenee? Yeroo amma caasluga afaan Giriiki irratti mormiin baay'een ka'aa jira. Fakkeenyaaf kitaaba mata duree, “Christ's Paralyzed Church x-rayed,”jedhuun kan Dr. Maakrosaan barraayee fudhadhaa.Kitaabicha kana keessattis haala ofii isaatiif toluu fi mirkaneessu irratti hundaa'ee barreeffamoota heddu hayyoota caaslugoota Giriikii ta'aniin barreeffaman keessaa kan tarreesse ta'uu isaatii fi namni tokko erga irra

deebi'ee dhalatee booda hafuura qulqulluun cuuphamuu akka qabu macaafni qulqulluun barsiisuu isaa kaa'ee jira.Kanaan alattis raajii dubbachuu jechuun lallabuu waan ta'eef dubartoonni waltajjii irra dhaabbatanii lallabuu ni danda'u jedhee kaa'ee jira. Garuu bartoota caasluga Afaan Giriikii biroo amansiisuu danda'ee jiraa? Gonkumaa hin dandeenye. Dhimma kana irratti wanti gochuu qabdan yoo jiraate barreeffamoota bartoota yaada faallaa qabanii dubbisaati qayyabadhaa.

Mee amma wanti ani dubbadhe qofti dhugaa ta'uu qofa utuu hin taane, dabalataanis fuulduratti haa tarkaanfannu. Barreeffamootni jalqabaa afaan Aramaayikiin, isa afaan Yesuusii fi saboota bara Isaa keessa jiraatanii kan ta'een barreeffamuu isaanii bartoonni bara kanaa tokko tokko ni dubbatu. Bartoonni kun dabalaniis, namoonni afaan Giriikiin haala baay'innaan itti amanamuun bareessuu fi katabuu dhabuu isaanii ni dubbatu. Qorattoonni seenaa keenya immoo dhimma kana irratti gargar qoodamuun isaanii dhugaa jiruu dha. Fakkeenyaaf, Dr.Skoonfiild, inni qortoota heddu beekkamoo ta'an keessaa tokko kan ta'e, kakuu haarofti Afaan Giriikiin, isa luga saboota bara sana keessa jiraataniin dubbatamuun barrayuu isaa ofii isaatiif qo'annaadhaan mirkaneesse jira. Ragaawwan gara garaa walitti qabuudhaanis yaada amantaa isaa cimsuu danda'u tokko kaa'ee jira. Karaa biraatiin immoo barataa Seenaa heddu beekkamaan,Dr.Laamsaa kan jedhamu,Kakuun Haarofti Afaan Aramaayikaan barreeffamuu isaatti kan amane fi yaada isaa lugni saboota bara sanaa AFAAN GIRIIKIIN KAN BARREEFFAME UTUU HIN TA'IN ARAMAAYIKAA akka ta'e mormii isaa kan deeggaru qorataa seenaa beekkamaa Tooyibee jedhamuun deeggarame ni qabna. kanaafuu macaafni Kakuu haarawaa dursa Afaan Aramaayikaan kan barreeffame ni fakkaata.

Haa ta'u malee, gara dhimma kanatti gadi fageenyaan seenuu keenyaan dura, macaafa qulqulluu 'King Jamsii' fi Hiikkaa Dr.Laamsaan barreeffame lachuu wal-bira qabnee haa dubbisnuu. Isaan lachuu keessatti jechootni qabiyyee fi barsiisaan wal-fakkaatan haala dinqisiisaa fi gammachiisaa ta'een ni argamu. Kana irraa ka'uudhaanis barreeffamoonni haarawa argamanii fi isaan dursa jiran irra deebi'anii fuuldura keenyatti akka maxxanfaman sababni waaqayyoo eeyyameef, dhugummaa isaanii nuuf mirkaneessuuf jennee murteessuu akka dandeenyuuf dha. Warrii turjuuman hammamiiyyuu walii galuu dhaban, barreeffamoonni durii wal hin faallessan.

Amma, beekkumsa barattoota afaan macaafni qulqulluun itti barreeye qaban irratti hundoofnee hiikuu akka hin dandeenye hubattanii jirtu. Garuu immoo ammas sammuun keessan yaadaa aadaatiin guutamee isa kana hubachuu yoo hin dandeenye ta'e, fakkeenya dhumaa tokkoo isini haa kennu. Hayyoommi gurguddoon bara 33 D.B. keessa turan maalummaa katabbii, gaaleewwanii fi caasluga afaan macaafni kakuu moofaa itti barreeye sirruummatti beekuu isaanii kan mormu hin jiru,garuu beekkumsa mudaa hin qabne isaanii irraa kan ka'e waadaan waaqayyoo Ilmaan guutamuu isaa hubachuu hin dandeenye.Macaafota seera Uumama irra kaasee hanga Milkiyaas keessatti, boqonnaawwan hundi Isaa fi icciitii isaatiif kan kenname yommuu ta'u, garuu warra hafuuraan ibsameef alatti hundi isaanii dhugaa kana hubachuu hin dandeenye.

Amma gara xummuraatti dhufnee jirra,waanuma sagalee waaqayyoo keessatti arganne irratti hundoofnee xummurra.Barreeffama Sagalee waaqayyoo isa sirrii argachuuf caaslugoota durii fi barreeffamoota gaggaarii irratti hundaa'uu keenya hanga amannetti,hiikkaa dhugaa isaa qo'achuudhaani fi barreeffamoota wal bira qabnee ilaaluun gonkumaa beekuu hin dandeenyu.MAALUMMAAISAABEEKUUF SHALLAGNI WAAQAYYOO BAAY'EE BARBAACHISAA DHA.INNI KUN SIRRIIDHUMATTI WAAN PHAAWULOOS,

“NAMNIHAFUURAAWAANHUNDUMAASHALLAGA,ISA GARUU NAMNI TOKKO IYYUU HIN SHALLAGU,”JEDHEEN KAN WAL FAKKAATU DHA. IQOR.2:15.

Shallagni isa dhugaa waaqayyoo waadaa isaa yommuu ibsuu fi mul'isuu dha.

Namni kamii iyyuu wanta amma dubbadhe kanatti fi guutummaa sagalee amma harka keenya jirutti Inni hin amanu jettanii akka hin dogoggorre.Macaafni kun guutuu ta'uu isaatti nan amana. Yesuus bara biyya lafaa jiraachaa turreetti macaafa kakuu moofaa nuuf mirkaneessee jira haaluma macaafni kakuu haarawa keenyaa barraayettsi kan barraaye ture. Waay'ee kana irratti dogoggora hin uuminaa,yeroo ammaa sagalee waaqayyoo hin jijjiramne fi namni tokkos itti dabaluus ta'ee irraa hir'isuu kan hin dandeenye ni qabna. Garuu hafuurumti dursa nuuf kenne akka nu barsiisu ni feena.

Yaa waaqa, shallagni hafuuraa hamman nu barbaachisaa. Macaafni qulqulluun haarofti

nu hin barbaachisu, hammamiiyyuu gariin isaanii gaarii fi anis yaada faallaa isaanii qabaachuu baadhus, tarjuumni haarofti garuu hin barbaachisu.GARUU SHALLAGNI HAFUURA WAAQAYYOO NU BARBAACHISA.Galanni Isaa hin badiniiti,ammaan tana wanta nu barbaachisuu fi waaqayyoo hafuura isaatiin waan nuuf ibsuu barbaadu ni qabna.

Yeroo hundumaa waaqayyoo jireenya bara baraa hafuuraan deeggarame fi mul'ata ol'aanaa nuuf kennuuf kan eegalu haa ta'u. Yaa waaqa, waldaan maalummaa sagalee Kee shallaggi kan argatu utuu ta'ee, maqaa Kee Yeroo hundaa Ulfina waaqayyoo Isa samii keessaa dubbachaa jiraachuun hammam nama gammachiisaa.

Cubbuu keenya Irraa nu fure

Mul'ata Yohaannis 1:5,

“Inni nu jaallatee, dhiiga isaa isa nuuf dhangala'een, cubbuu keenya nurraa dhiqe.”

Jechii,“dhiqe” jedhu “fure” jechuu dha-“Dhiiga dhangala'e Isaatiin cubbuu keenyaraa nu fure.” Kun kan nama dinqisiisuu mmitii? garuu isin sammuu hafuuraatiin hubachaa jirtuu, qayyabachaa jirtuu? Guutumaan guututti dhiiga DHUUNFAA Isaatiin Cubbuun keenyaaraa kan furamne. Dhiiga ilma namaa hin turre.Inni sun dhiiga waaqayyoo ture. Pheexiroos dhiiga Kiristoos jedheen.PhaawoloosimmoodhiigaGooftaafiYesuus jedheen. Namoota Sadi utuu hin taane,NamaTOKKO.Mul'anni WAAQA TOKKOO ammas ni jira. Waaqayyo Jahoovaan wanta hundaa raawwachuuf humna qabu sun,karaa dhalata qulqulluudhaan gadi dhufe,cubbuu keenya irraa guututti kan qulqulloofnu Dhiiga waaqayyoo taasisuun Fuuldura Isaatti akka bartootaatti gammachuu guddaan nu kaa'e.

Kakuu Moofaa kan fakkaatu ni barbaaddu? Duubatti gara dhaaba Eedaniitti mee haa deemnu.ilmi duraa, Addaam cubbuun baduu isaa oduun duraa gara ulfinaatti dhufe, waaqayyoo ergamaa ergee turee? Inni ilma ergee turee? kan akka keenyaa kan biraa ergee? Miti,ilma bade sana fayyisuudhaaf OFUMA ISAATU dhufe.Haaleluyyaa! Waaqayyoo kaayyoo fayyisuu Isaa gara biraa dabarsee hin kennu. Mataa Isaa qofa amane. Waaqayyoo fooniin dhalatee gidduu keenya jiraatee gara Ofii Isaatti nu fayyise. Nuti, “Dhiiga waaqayyootiin” fayyine. Waaqayyoo inni jireenya bara baraa qabu cubbuu keenya nurraa furuuf jecha qaama du'uu keessa jiraate. Dhiiga Isaa jigsuu fi ittii dhokachuuf jecha Inni hoolaa ta'e.

Isa kana xiinxalaa:Inni sun dhiiga waaqayyoo waan ta'eef dhiiga dhugaa ture, akkasumas dhiigni dhugaa sun humna hamaa fi hidhaa fi cubbuu keenya irraa kan nu fure yoo ta'e, furamuun sun sirrii fi guutuu ture jechaa dha. Kanaafuu amma abaarsii hin jiru.

“Warra waaqayyoo foo'ate eenyutu hadheessa ree?Erga waaqayyoo isaan akka waan balleessaa hin qabnetti yoo lakka'e, kan hadheessu hin jiru. Eenyutu itti farada ree? Erga Kiristoos Yesuu du'ee kaafame immoo….” Gara warra Roomaa 8:33-34ti.

Kanuma. Duuti Isaa dhiigicha nuuf kenne.Dhiigichi immoo nu fure. Amma firdiin hin jiru.Akkamitti jiraachuu danda'aa?Dhiigichi cubbuu keenya irraa waan nu fureef, dhimmi nutti farachiisuu danda'us hin jiru. Nuti kan itti gaafatamnu kan hin qabne, warra bilisa taanee dha.Nama hin dhagahinaa. Sgalicha dhagahaa. Isin warroota dhiigichaan furamtanii dha.

Amma immoo deebitaniiyaada amantaa,aadaa fi dhaabbatoota gara garaa wajjiin walitti hin hidhaminaa.Warra Humna Sagalichaa didanii fi Yesuus fayyisuu,hafuura qulqulluu fu humnaan guutuu Isaa yaada warra didanii dhageettanii waaqayyoo irraa hin fagaatinaa .Isin namoota bilisaa waaqayyoo,Dhiiga Isaatiin furamtanii dha.Ammas amantaa keessa yaada sirna amantaalee fi dhaabbilee amantaa irra yoo keessan, amantaa sagalicha irratti qabdan dhabuu keessan wabiin kan raggaasifamee dha.

Moototaa fi Luboota

Mul'ata Yohaannis 1:6,

“Isa mootummaadhaa fi Waaqayyoo abbaa Isaatiif Luboota akka taanu nu godhate sanaaf,Ulfinnii fi aangoon baraa hanga baraatti Haa ta'u.”Ameen.

“Inni nu godhate!” Yaa waaqa,Dhugaaleen sirritti xiinxaluu qabnu tokko tokko ni jiru. Inni kun isaan keessaa tokko.INNI! INNI NU GODHATE! fayyummaan hojii Isaati. Fayyummaan kan waaqaati.Hundi eebbaan. Kaayoodhaaf nu fayyise.Kan nu fide kaayyoo dhaaf. Nuti mootota, mootota amantaati.Yaa waaqa,Yommuu Inni Teessoo Isaa

irra taa'utti, nutis biyya lafaa irratti Isa wajjiin mootota ta'uuf jirra. Garuu amma nuti mootota amantaa waan taaneef aangoon keenyas mootummaa amantaa irratti. Gara warra Roomee 5:17 keessatti akkas jedha.

“Irra daddarba nama tokkootiin, sababbi nama tokkicha sanaaf duuti erga moo'e, warri qajeelummaa argatan immoo Yesuus Kiristoos namicha tokkocha sanaan hammam guddaa caalchisanii jireenyatti haa moo'an ree!”

Akkasumas Qolaasiyaa 1:13 keessatti,

“Inniaboo dukkanaa jalaa nu baase,gara mootummaa ilma Isaa jaalatamutti nu dabarse”

Yeroo ammaa nuti cubbuu,foon, addunyaa fi seexana moo'achuun Kiristoos wajjiin mootota.Ulfinaa fi galata Isaa agarsiisuudhaan, Kiristoos waan nu keessa jiruuf, Eenyummaa Isaa agarsiisuudhaan,Gachuu guddaa Isaa raawwachuuf fedhuu fi raawwachuudhaan ni agarsiifna.Eeyyee, dhugummatti, amma iyyuu Kiristoos Yesuusiin teessoo gaarii irraa teenyee jirra.

“Lubootas nu godhate.”Eeyyee, Luboota Isaa,qoonqa qulqullaa'een galata Isaaf akka galachini nu godhee jira. Jireenya keenya akka kennaa mi'ooftutti Isaaf kennaa.Dhugaa fi hafuuraan Isa waaqeffachaa.Isa kadhachaa fi gaafachaa,mootota fi luboota Waaqayyoo keenyaati.Nuti namoota dalagaa waaqayyootiif dhalachuun keenyaan addunyaa nu himachuun isaa kan mana dinqisiisuu miti. Nuti irra deebinee Isa keessaan Abbaa keenyaaf Ijoollee taane dhalannee jirra.

Waaqayyoo Dhufuuf Jira.

Mul'ata 1:7,

“Kunoo,Inni duumessa wajjiin dhufuuf jira;ijji hundinuu isa ilaaluuf jiru,warri isa waraananis immoo isa arguuf jiru,gosti nama lafa irra jiru hindinuu Isaaf ni wawwaatu. Eeyyee akkasuma ni ta'a,Ameen.”

Inni dhufaa jira.Yesuus dhufaa jira. Waaqayyoo dhufuuf jira. Raajichi dhufaa jira. Mootonnii fi luboonni dhufaa jiru. GUUTUMAAN GUUTUTTI dhufaa jira.Akkuma Gooftaan Yesuus daddafee dhufetti. Ameen.

Inni dhufaa jira.Inni duumessa wajjiin dhufuuf jira,duumessa ulfinaa akkuma Inni yommuu gaara guddaa gubbaatti jijjiramu mul'atetti fi uffanni Isaas calaqqisu Isaa akkuma humni waaqayyoo Ibsetti.Ijji HUNDINUU immoo isa ni argu. Kana jechuun kun olbutamuu miti. Inni kun yommuu Inni akka bulchaa lafaatti iddoo sirrii Isaa fudhachuuf dhufetti dha. Inni kun yommuu Isaan barsiisa amantaa isaaniiti fi dhaabbata isaaniitiin Isa waraanan itti gaddanii fi gosti nama lafa irra jiru hundinuu sababa sagalee Isaatiin isaaf ni wawwaatu.

Inni kun seenaa mul'ata Zakkaariyaas 12:9-14ti. Zakkariyaas isa kana waggoota 2500 dura raajii dubbate.Kunis raawwatamuuf waan jiruuf dhageeffadhaa.

“Guyyaa sanatti ani saba warra Yeruusaalem irratti ka'an hundumaa balleessuudhaaf nan barbaada.

Ani hafuura araaraa fi haruura kadhataa mana Daawitii fi warra Yeruusaaleem keessa jiraatan irratti nan dhangalaasa. Isaanis isa waraanan san ni ilaalu…“

Amma,wangeelli gara Israa'elootaatti yoom deebi'aa?gaafa guyyaan warra Israa'eloota hin ta'inii dhumutti.Wangeelli gara warra Israa'elootaatti deebi'uuf qophii dha.Oh,wanta bara keessa jiru kanatti rrawwatamuuf ta'u utuu isinitti himee nan danda'a.Wanti guddaan raawwatamuuf jiru kun gara mul'ata 11tti deemuun wabiiwwan lamaan sana, raajota lamaan sana, Muusee fi Eliyaas isaan wangeela gara warra Israa'elootaatti deebisan sana ni kaasa. Nutis sanaaf qophoofnee jirra. Wanti hundinuu tartiibaan qophaa'ee jira.Akkuma warri Israa'eloota ergicha gara warra Israa'eloota hin ta'in itti fidanitti,warri Istraa'eloota hin ta'inis ergicha Israa'elootaaf ni deebisu, olbutamuunis ni raawwatama.

Amma mee, wanta mul'ataa fi Zakaariyaas keessatti dubbisne yaadadhaa. Isaan lachuu gadadoon booda dhufan.Waldichi dura dhalate gadadoo keessaan hin darbitu. Kana ni beekna. Macaafni qulqulluun sana ni barsiisa.

Guyyaa sanatti waaqayyo saba warra Israa'el irratti Hafuuraa Isaa nan dhangalaasa

jedhee jira. Kunis hafuura guyyaa warra Israa'eloota hin ta'in irratti dhangala'een wal fakkaatuu dha. “Isaanis Isa waraanan sana ni ilaalu,akka nama mucaa tokkichaaf boo'utti ni boo'u, akka nama ilma angafaatiif guddisee gaddutti ni gaddu.Guyyaa sanatti boo'ichi guddaan sanyii isaHadaad Rimoon dacha Megidoo keessatti ta'e sun Yeruusaalem keessatti ni ta'a.Namoonni biyyichaa akka maatii maatii isaanitti ni boo'u, Maatiin qomoo Daawiti kophaatti;dubartoonni isaanii kophaatti;maatiin qomoo Naataan kophaatti;dubartoonnii isaanii kophaatti…”akkasumas yommuu Inni yeroo lammataafduumessa ulfinaatiin dhufutti,manneen tokkoo tokkoo isaanii kophaatti ni boo'u. Warri Yeruusaalem isa waraanan Isa ni ilaalu akka caafata biraa keessatti, “madoota kanneen eessatti madooftee”? jedhutti, Innis, “Mana hiriyoota koo keessatti,” jedhaan.Yeroon gaddaa warra Yeruusaalem isaan Inni Masihicha miti warra jedhaniif qofa utuu hin ta'in, isaan warra Israa'eloota hin ta'in keessaallee Inni fayyisaa Bara kanaa ta'uu Isaa warra didaniifis yeroo gaddaa ta'uuf jira.

Yeroon iyyuu fi wawwaatuu dhufuuf jira. Durboonni hirriba irra jiran ni wawwaatu. Isaan waldaa dibata Ziyitaa kan (mallattoo Hafuura Qulqulluu) ta'e qodaa isaanii keessatti(isa mallattoo qaamaa yookkan qodaa ziytni itti naqamu) hanga baay'ee itti dhihutti didde sana bakka bu'anii dha. Isaan namoota gaarii ta'uu dhabuudhaan hin turre. Garuu Isaan durba waan turanii fi inni kunis ajaja sammuu guddaa kan agarsiisuu dha.Garuu qodaa isaanii keessatti Zayita waan hin qabneef wawwaataa fi ilkaan ciniinnachaa utuu jiranii ari'aman.

Isa kana mee Seera uumamaa Boqonnaa 45 keessatti bakka Yooseef obboloota Isaa Misira keessatti argee eenyummaa isaa isaanii mul'ise wajjiin wal-bira qabnee haa ilaallu. Seera uumamaa 45:1-7,

“Yommuus Yooseef warra isa bira dhaabbatan hundumaa duratti of qabuu hin dandeenye; kanaafuu guddisee, namoota hundumaa anaaf gadi baasaa jedhe. Yeroo Yooseef obboloota isaatti of mul'ise namni biraa tokko iyyuu isa biratti hin hafne.

Warrii Gibxii hanga dhaga'anitti,warri mana mootichaas hanga dhaga'anitti, inni guddisee ni boo'e.

Yooseef obboloota isaatiin ani yooseef abbaan koo jiraa? jedhe, obboloonni isaa garuu fuula isaa dura dhaabbachuu isaaniitiif na'anii waan raafamaniif deebii isaaf deebisuu hin dandeenye.

Yooseef kana booddee, obboloota isaatiin maaloo as gara kootti dhiyaadhaa jedheen, isaanis isatti dhiyaatan;inni immoo, ani Yooseef obboleessa keessan isa isin biyya Gibxiitti gurgurtanii dha.

Ammas lubbuu oolchuudhaaf isin dura asitti kan na erge waaqayyo waan ta'eef, isin isa na gurgurtaniif yaaddan hin dhiphatinaa ofittis hin aarinaa.

Waggaa lamaan kana biyyicha keessatti beelli bu'eera, amma iyyuu immoo kan itti hin qotamne, hin haamamnes waggoota shantu hafe.

Waaqayyoo hambaa lafa irratti isiniif qusachuudhaaf,warra baay'atanii hoofkalanis fayyaatti isiniif jiraachisuudhaaf, isin dura na erge.“

Amma inni kun Zakaariyaas 12 wajjiin yommuu walbira qabamuu hin midhaaguu? Isaan lamaan walitti fiduufhaan karaa sirrii ta'een akka qayyabannu ni dirqisiifamna.

Yeroo Yooseef daa'ima turetti obboloota isaatiin guddisee jibbama ture. Obboloota isaatiin maaliif jibbamaa turee? Inni qulqulluu waan tureef. Mul'ata sanneen arguu dhabuu fi abjatee abjoota isaatiif hiikkaa kennuu dhabuu hin dandeenye. Kennaan sun isa keessa waan tureef. Wanta Isa keessa jiruu malee waan biraa tokko iyyuu agarsiisuu hin dandeenye ture. Kanaafuu yommuus obboloowwan isaa isa jibban sababa malee ture. Garuu inni abbaa isaatiin kan jaalatamu ture. Abbaan isaa raajii waan tureef ni qayyabata. Inni kun gosa Kiristoos isa sirrii taasisa. Waaqayyo abbichi ilmicha ni jaalata garuu obboloowwan(Fakiiwwanii fi Faarisoonni) sababa inni warra dhukkubsatan fayyisuuf, raajii taasisuuf, waan fuulduraatti ta'u himuuf, mul'ata argee hiikaa isaaniis waan himuuf jibban.Inni kun isa jibbuudhaaf sabab hin ta'u, garuu isaan ni jibban, akkumma obboloota Yooseefittis sababa tokko malee isa jibban.

Meeamma ijoolleen Yaaqob sun Yooseefiin haala kamiin akka gaggeessan yaadadhaa. Qilee keessatti isa gatan. Kootii bifa hedduu qabu isa abbaan isaa kenneef irraa mulqanii,ilmi koo bineensaan ajjeefame jedhee abbaan isaa akka yaaduuf dhiiga keessatti naqan.Isaanis daldaltoota garbaatti isa gurguranii gara Gibxiitti geeffamee

booddees daldaltoonni sun deebisanii bulchitotaaf isa gurguran.Haati manaa bulchichaa sobaan isa himattee hiisifte,garuu yeroo muraasaan booda garuu dandeettiin raajummaa isaa gara yaada Fara'ootti isa geessise,eeyyamaYooseefiin alatti namni kamiiyyuu gara Fara'ootti dhiyaachuu kan hin dandeenyi,innii garuu dandeetti akkasiin gara harka mirgaa Fara'ichaatti dabarsamee kenname.

Yooseef asitti fakkeenya sirrii Kiristoosii waan fakkaatuuf, mee jireenya isaa yeroo biyya Gibxii keessa turetti haa xiinxallu.yommuus mana gofftichaa turetti, akkuma Yesuus irratti raawwatanitti sobaan himatamee, sababa tokko malee hidhaan adabame ture.Yommuus mana hidhaa turetti abjuu warra dhugaatii dhiyeessanii fi buddeena dhiyeessan isaan isa wajjiin hidhamanii hike.Eegduun warra dhiyeessanii gara jireenya ni deebi'e, inni kuun garuu duuti itti faradame.Kiristoos waaqaa fi namaan gatamee kallatti irratti hidhamee ture. Gara mirgaa fi bitaa Isaatiin hattoonni fannifamanii turan, inni tokko amantaan kan du'e, inni kuun garuu gara jireenyaatti deebi'e.Kana malees hubadhaa, yommuu Yesuus kallatichaa irraa ka'etti, gara waaqatti ol geeffamee yeroo ammas gara mirga teessicha hafuura guddaa Jahoovaatti taa'e jira, namni kamiiyyuus karaa Isaatiin alatti gara waaqayyoo dhufuu hin danda'u. Waaqayyoo fi namoota gidduu araarsaa TOKKO qofatu jira, kan isin barbaachisu hundis Isa. Qulqullaa'otaa fi Maariyaam warri jedhaman hin jiran, Yesuus qofa.

Eenyummaa Yooseef keessatti arginee eeguudhaan,wantoonni inni Gibxi keessatti raawwate hundi hammam akka milkaa'an hubadhaa.Gooftota wajjiin hojiin isa jalqabaa milkaa'ee ture. Mana hidhaatti iyyuu ni milkaa'e. Yommuu Yesuus deebi'utti, gammoojjiin akka abaabootti nu hammatti. Inni “Ilma milkaa'inaati.” Akkuma bara Yooseefitti barri milkoofte hin jirreetti, beekkumsa addunyaatiin alatti barri eebba akkasii dhufuuf jira. Hundi keenya muka harbuu jala teenyee gammachuu fi kolfaan Isa wajjiin bara baraaf jiraachuu ni dandeenya.Argama Isaa keessatti gammachuu guddaa fi harka mirga Isaattis gammachuun bara baraa ni jiraata. Waaqayyoo haa ulfaatu.

Amma Hubadhaa, bakka Yooseef dhaqe hundatti malakata afuufuudhaan dhufaatii isaa lallabu ture.Namoonni sagalee ol kaasanii iyyaa, “Yooseefif ni jilbiiffattu.”Namni tokko hojii kamiiiyyuu raawwachaa utuu jiraate, malaakkanni yommuu afuufamu yoo dhagahe, jilbaan ni jilbiffata.Daandi irrattis meeshaa gurguraa yoo jiraate,gatii gurgurtaa isaas namoota irraa sassaabaa yoo jiraate iyyuu, yommuu malaakkanni sun afuufamutti hunda dhiisee jilbeeffachuu qabaata.Nama taatoo yookaan immo diraamaa agarsiisaa jiru utuu ta'ee iyyuu, dhufiinsi Yoseef waamicha Malakata sanaan himamutti gochaa isaa dhiisee isaaf sagaduu qabaata ture.Guyyaa malakanni waaqayyoo afuufamuttis,isaan kiristoosin du'an ni ka'u, ifni ganamaa baraa hanga baraatti ni ifa wantoonni hundinuus tartiibaan guyyaan dhaabbatan dhufuuf jira. Sana booda jilboonni hundi ni sagadu jedhamee waan caafameef,

“ Kanaafis waaqayyoo waan hundumaa irra caalchisee guddaa ol isa qabe, maqaa isa maqaa kam irra iyyuu caaluu kenneeraafi;

Kanaanis warri bantii waaqa keessa jiran, warra lafa irraa, lafa jala jiranis, hundinuu ulfina maqaa Yesuusiif jilbiiffatanii akka sagadan godhe,

Arrabni hundinuus ulfina waaqayyoo abbaatiif, Yesuus Kiristoos gooftaa akka ta'e beeksisuuf jiru.“

Filiphisiiyus 2:9-11

Garuu mul'ata ulfinaa isa Yooseef kana wajjiin wal fakkaatu biraa hubadhaa.Yommuus, Yooseef biyya Gibxii keessa turetti,misirroo saba waaqaa hin ta'in irraa ijoollee lama maqaan isaanii Efreem fi Minaasee jedhaman horate.Yooseef ijoollee lamaan isaa akka eebbisuuf abbaa isaa gaafate.Innis ijoollee lamaan fuudura YaaqobittI fidee,Minaasee isa ilma angafaa ra'e, gara haraka mirga Yaaqobitti,Efreemiin immoo gara harka bitaatti kaa'e.Yommuus Yaaqob isaan eebbisuuf ta'utti, harka isaa wal-qaxxaamursiisee,harka mirgaa isaa ilma isa maadhaa Efreem irra kaa'e. Yooseefis boo'ichaan,“yaa abbaa koo akkas miti,inni kun angafa waan ta'eef, harka kee mirgaa isa irra kaa'i,” jedheen. GaruuYaaqob immoo,“waaqayyotu harka koo qaxxaamure,” jedheen.Fakkeenyi kun kan nu hubachiisu,eebbi inni warra saba waaqayyoo isaan angafa ta'aniif ta'uu malee gara warra saboota waaqayyoo hin ta'iniif isaan warra maadhaa ta'aniif karaa waljala dabarsuun(harka wal jala dabarsuutiin) kenname.Eebbi karaa kallattiidhaan dhufa. Galaatiyaa 3:13-14,

Kiristoos immoo nuuf jedhee abaaramaa ta'uudhaan,abaarsa isa seerichi nutti fidu

jalaa nu fureera, akkuma caafame, namni mukatti rarraafame abaaramaa dha jedha.

Eebbi Abrahaam argate, karaa kiristoos Yesuus saba waaqayyoo warra hin ta'in hundumaaf akka kennamuuf,hafuura isa waaqayyo abdachiises amantiidhaan akka fudhannuuf Kiristoos nu fureera.

Eebbi Abrahaam argate karaa kallattiitin gara saba warra waaqayyoo hin ta'inii dhufe. warri saba waaqayyoo kallaticha didanii waan turaniif,kanaafuu, Yesuus misirroota saba warra waaqayyoo hin ta'in argate.

Mee amma gara seenaa Yooseef obboloota isaa argetti haa deebinuu. Obboleewwan isaa hundi isa arguuf akka hin dhufne ni yaadattu.Yooseefis kana waan beekeef obbolleewwan isaa hundi gara isaatti dhufuu baannaan eenyummaa isaa isaaniif ibsuu hin danda'u ture.Dhuma irratti ishee isaan keessa hafte, Beenjaamiin maadhitti fidan. Beenjaamiin maadhitti, obboleetti guutuu yooseef kan turte fi lubbuu isaatti ibidda kan qabde dha. Yooseef keenya, Yesuus iyyuu, gara namoota ajaja waaqayyoo eeganii fi duubatti gara Filisxeemitti warri deeman,lubbuun isaanii ibidda ni qabata.Beenjaamiin isheen xinnoon saboota waaqayyoo 144000 biyyoota gara garaa keessaa ba'anii fayyuummaa isaanii argachuudhaaf warra gara biyya Filisxeemiitti dhaqan bakka buuti. Isa jireenya bara baraa qabu sana simachuudhaafis achitti dhaabbatanii ni eegu.“Inni kun goofticha keenya isa eegaa turee dha,” ni jedhu. Booddees isa isaan waraanaan sana arguuf jiru. Gadda guddaadhaan boo'aa, “madaan akkanaa eessatti madaayee? Akkamiin ta'uu danda'ee?” ni jedhu.Booddees, maatiin hundi qophaatti gaddaan wawwaataa ni boo'u.

Amma yommuu Yesuus Obboloota isaatiif eenyummaa Isaa beeksisutti, waldaan warra saboota waaqayyoo hin ta'in eessatti argamtii? Yaadadhaa Yooseef, “Ijoollee kana fuuldura kootii kaasaa, kophaattis na dhiisaa,” jedhee ajaja dabarsutti misirrittiinYooseef ijoollee lamaan qabattee,teessoo mootichaa keessa turte.Kanaafuu warri saboota waaqayyoo hin ta'in teessoo Yooseef keessatti dhokatanii turan.Yommuus olbutamuun raawwatamu warri saboota waaqayyoo garam dhaquu? Gara teessoo mootichaatti. Misirrittiin biyya lafaa irraa ni fudhatamti.Guyyaan gadadoo guuddaan dhufuun isaatiin dura goofticha isheetin wal arguudhaaf ni butamti.Yommuus adabbiin waaqayyoo inniiguddaanwaggootasadihiifiwalakkadhaafbiyyalafaattiraawwatamutti,misirrittiin affeerraa cidha guddaa hoolichaa irra jiraatti.Booddee,yommuus eenyummaa Isaa obboloota Isaatiif beeksisutti, misirroota isaa, “Mana abbaa Isaa keessatti,” dhiisuun ni deebi'a.Yeroo kanatti kakuun farra kiristoosii inni warri saboonni waaqayyoo warra Roomaanota wajjiin uuman ni barbadaa'a. Sana booddee,Roomaa fi deeggartoonni ishee hundi warra saboota waaqayyoo isaan waaqa sodaatani fi sagalee waaqayyoo jala bulan barbadeessuudhaaf loltoota isaanii ni ergu.

Garuu akkuma isaan magaalatti barbadeessuudhaaf dhufaa jiranitti, mallattoon dhufiinsa ilma namaa loltoota humna olaanaa qaban isaa qabatee,biyya lafaa barbadeessaa akkuma turetti isaan barbadeessuuf ni dhufa. Moo'amuu diinaa wajjiin, booddee Yesuus dhufee eenyummaa isaa warra 144,000 tti beeksisa. Gocha olaanaa fayyisummaa Isaa arguudhaan, humna isaa beekutti jiru,Garuu immoo madaa isaa arguudhaani fi battala sanatti iyyuu isa ofitti fudhachuu dhabuu isaaniitiin,soda guddaadhaani fi gaddaan akka boo'an sababa isaanitti ta'a, akkuma obboloowwan isaanii durii Yooseef fuulduratti yeroo dhaabbanitti, ni ajjeefamna soda jedhu keessa ta'ani raawwatanitti. Garuu Yooseef, “Ofitti hin aarinaa. Waaqatu kana godhe. sirrii dha.lubbuu fayyisuudhaaf sana godhe.” jedhe. Haaluma sanaan Yesuus nageenyaa fi jaalala isaatti ni dubbata.

Warri saboota waaqayyoo Yesuusiin maaliif didanii? Waaqayyotu sana godhe. Misirroota warra Saboota waaqayyoo hin ta'in karaan itti fayyisu kana qofa. Inni kallattii irratti kan du'e lubbuu waldaa warra saboota waaqaa hin ta'in fayyisuu dhaaf.

Amma 144,000 kun misirroota keessa hin jiran. Mul'ata 14:4 keessatti, isaan kun warra of hin xureessinee fi bakka hoolichi dhaqes warra dhaqanii dha jedha.Dhugaan isaan dubartoota bira dhaqanii of xireessuu dhabuun isaanii,xu'aashii (Maateyoos19:12) ta'uu isaanii kan agarsiisuu dha. Xu'aashonni warra misirroota eeganii dha.Isaan hirmaattota.Hubadhaa isaan teesoo irra hin taa'an garuu fuuldura teessichaatti taa'u. Miti, isaan misirroota keessaa tokkoo miti, garuu bulchiins ulfinaa keessa ni ta'u.

Sana booddee,Israa'eloonni dhumaa kunniin jaalalaan gara Gooftaatti yommuu dhufan,diinni barbadaa'e,waaqayyoo tabba qulqulluu Isaa qopheesse, iddoon dhaabaa

haaroftii misirroota Isaati fi affeeramtoonni Ishee fi Isaa wagoota kumaaf biyya lafaa irratti ni gammadu.Akkuma Addaamii fi Heewaan turtii waggoota kumaa iddoo dhaabaa keessaa kan xummurree ta'uu iyyuu, amma Yesuus,Inni Addaam keenya isa dhumaa kan ta'e fi Heewwaan Isaa(Waldaan Isheen dhugaa),kaayyoo dhugaa ni guutti.

Oh,macaafni qulqulluun hamman of irra deddebi'aa.Yesuus deebi'ee dhufuun Isaa waan dhiyaateef,dirreen Yooseefi fi Obboloota isaa deebi'ee raawwatamuuf jira.

Akkuma nuti jireenya akaakuu Yooseef jiraachaa jirrutti,waay'ee bara dhumaa keessa jirruu kana yaada tokko gara yaada keessanii fiduu nan barbaada. Yommuu Beenjaamiin obbolotaa ishee wajjiin hin jirreetti, Yooseef afaan Ibrootaa beekus karaa nama afaan hiikuun isaanitti dubbachuu isaa ni yaadattu. Oboloota isaatti afaan haarawaan itti dubbatee ture. Barri warra saboota waaqayyoo hin ta'in inni duraa (matichi warqee, bara Baabiloon) ergaa faan haarawaan girgiddaa irratti barraayeen akka gaggeeffame beektuu? Afaan haarawaan bara keessa jirru kanatti guddatee dubbatamuun isaa barri warra saboota waaqayyoo hin ta'in xummurame, waaqayyo immoo gara Israa'elootatti fuula isaa deebisuu isaa dabalataan kan mirkaneessuu dha.

Inni hatattamaan dhufuutti jira. Inni Alfaa fi Omeegaa ta'e, Raajichi,lubni fi mootichi, Guutumaan guututti kan taate,Goofta waaqa macaa kan ta'e hattattamaan dhufuuf jira. Akkasums Yaa Gooftaa Yesuus, Ati tokkichi fi waaqayyo dhugaa, dafii koottu!

MESSAGE online

www.messagehub.info

Kan Lallabame

William Marrion Branham

"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7